



Bara 31

Lakk. 27

Caamsaa 8 bara 2016

Gatiin qar. 15

Ijaarsi Zoonii Dinagdee Addaa Gadaa Mojoofi Adaamaa gidduutti jalqabsiifame

Ibsaa Xuranaatiin

Ijaarsi Zoonii Dinagdee Addaa Gadaa bakka Ministerri Muum mee Dr. Abiyyi Ahimadiifi Pirezidaantiin Mootummaa Naanno Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa argamanitti tibbana jalqabsiifameera.

Sirna jalqabsiisaan kanarratti Muummichi



Ministeeraa Dr. Abiyyii Ahimad Sagantaa jalqabsiisa Zoonii Dinagdee Addaa Gadaa irratti argamuun dubbi taasisaniin injifannoon damee qonnaan argame gama industiriin dabaalamuu akka qabu ibsaniiru.

Hojii qonnaan jalqabne ammayaa'ee industiriin deeggaramuu qaba. Bu'aan gamasanaan argame

gama industiriin dabaalamuu qaba. Oggansi imaamnata qonnaa milkeesse kan industiri kanas akka milkeessu abdiin qabas jedhan.

Zooniin bilisaa carraawan ijaarsa babal'isuu, misooma industiri babal'isuu, sirna daldala ammayyeessuu, investimentii kan babal'isuu al ergii keenya kan guddisu ta'u Gara fuula 14tti

Naanno Oromiyaatti Pirojeektooni kuma 16 ol xumuramuun eebaaf qophaa'uun himame

Oliifan Raggaasaatiin

Pirezidaantii Itti Aanaan Mootummaa Naanno Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdii haala raawwii hojii pirojeektoota garaa garaa naannichatti hojjatamaa jiraniifi eebaaf qophaa'aa jiranii gamaggamaniiru.

Naanno Oromiyaatti pirojeektoota adda addaa haaraafi buleeyyii kuma



31 tti siqan hojjatamaa jiran keessaa 4 fi 92 qarshii biiliyoona 16.6'n hanga gabaasni kun qindaa'etti h o j j a t a m u u n pirojeektooni kuma 16fi dhibba x u m u r a m a n i i Gara fuula 14tti

Aanichatti ji'oottan
kurnan darbanitti galii
qarshii miiliyoona 70 ol
sassaabame

WK Aanichaatiin

Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Daalle Sadiitti maddoota galii garaa garaarrraa qarshii miiliyoona 70 ol sassaabamuu Waajirri Galiiwan Aanichaa beeksise.

Galiin guddina dinagdeefi hawaasummaa biyya tokkoof gahee guddaa kan qabu waanta'eef biyya dinagdee cimaa qabdu uumuu lammileen dirqamasaanii beekanii galiisaanirraa eegamu yeroon kaffaluun dhimma murteessaadha.

Mootummaan Naanno Oromiyaa humni galii naannichaa akka dabaluuf galii naannichi maddisiisuu danda'u adda baasuun karoora hiixataa qopheessuun galiin akka sassaabamuuf hojjeccaa jira.

Waajirri galii aanichaas bara kana karoora xiiqii qabame galmaan gahuuf maddoota galii garaa garaa sakatta'uun adda baasee galii aanichaa akka dabaluuf karoorfatee hojjeccaa jira.

Haaluma kanaan akka aanichaatti bara kana galii Gara fuula 14tti

Magaalichatti kenninsi tajaajila iddo tokkoo eegalame

WKM Jimmaatiin

Bulchinsa Magaalaa Jimmaatti kenninsi tajaajila iddo tokkoo eegalamuun Waajirri Kantiibaa bulchinsa magaalichaa ibse.

Mootummaan Gara fuula 14tti



Abbayyaa Taaddasaa akka jedhanitti giddu-galichi fedhii teekinoolojii qonnaan bultooni qaban guutuuf,sanyiwwan teekinoolojii qorannoodhaan mirkanaa'anii baay'ifamaaturan qonnaan bultootaaf raabsaa jiraachuu himaniiru.

Giddugalli Qorannoo Qonnaa Haroo Sabbuus, hanqina sanyii filatamaa furuuf sanyii Gara fuula 14tti



Eebba Oromoo

Oromoona aadaa boonsaa ittiin beekamu kan dhalootaa dhalootatti darbaa as gahe hedduu qaba. Aadaa Oromoona qabu keessaa tokko eebbadha. Eebbi kun yeroo cidhaa, yeroo wal gahuufi yeroo dhangaa addaa addaa waliin dhandhamullee darabeen wal eebvisa. Ganama gaafa irribaa ka'ee harka dhiqatee bakka hojiisaa deemuuf ka'u wal-eebbisee uumaa kadhatee manaa baha. Eebbichis akkas jedha.

Iddoo nagaa nu oolchi
Hamaa hamtuu nurraa qabi jedhee uumaasaa kadhatee baha. walumaagala eeba Oromoo Daaboo biratti beekamu keessaa muraasni:

Iddoo nagaa nu oolchi
Doggogora nu oolchi
Irraa gora nu oolchi
Hamaan gargar nu oolchi
Tolaa nu dubbachiisi
Beela hamaa, dhukkuba hamaa tulluu duuba nuu qabi
Biyyi biyya nagaa haa ta'u
Xinnaan guddaa haa ta'u
Qal'aan furdaa haa ta'u
Baaqqueen dirriba haa ta'u
Kormi cirrii haa ta'u
Rimaan haphee haa ta'u
Kan dhalate haa guddatu
Kan facaasan haa biqilu
Kan dubbatan dhugaa haa ta'u
Wallaalaan haa beeku
Beekaan haa bulu

Bahaa maasii gammadaa
Galaa maati gammadaa
Kan hamaa isiniti yaadu
Iddii fardi irra ejjete haa ta'u
Hanqaquu Waaqii buute haa ta'u
Akka nu jenne Waaqni haa jedhu
Horaa bulaa horaa bulaa... jechuun eebbisu

**Waajjira Kominikeeshiini Aanaa
Daaboo Haannaarraa-Bunnoo**

Beddellee

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Mammaaksa

- Anuu jiraa daheen heerumaa boossii jette intalli
- Okkoteen waqa hin beekne eelee bishaan kadhatti
- Olka'aan malee olka'aniif hin fuudhan
- "Fuula waaqatu nama tolcha deemsaa abbaatu tolfata" jedhe Jaldeessi
- Namni waaq itti tole afaan namatti hin tolu
- Manni jalqaba bade amma jigutti fokkisa
- Bishaan laga yaa'u manaa yaa'ii taa'u
- Sarbaa midhaan bareeche dhadhaa dibanii ilaalu "Abbaatu of mara" jedhe bofti
- Miila lama qabaataniif muka lama hin yaaban

Misgaanuu Gannatii, Waajjira Kominikeeshiini Aanaa Sayyoo Nooleerra-Wallagga Lixaa

Magaalonni naannichaa pilaaniidhaan . . .

Mootummaan xiyyefannaa gandoota baadiyyaatiif kenneen gidduu galoonni gandoota baadiyyaa naannichaa hedduun gara magalaatti jijiramuurratti argamu. Kanaafuu gidduu galeesonni kun gar-malee akka fedhan babal'achuusaaniit dura jalqabarria pilaanii ammaya'aan akka hoogganaman taasisuun barbaachisaa dha. Ergama Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaatiif kennamee keessa inni tokkoo gidduu galeessa guddina gandoota baadiyyaa fulduraatti gara magalaatti guddatan pilaanii ammayaa'an akka hoogganaman taasisuuf pilaanii gidduu galeessa guddina baadiyyaa qopheessuu dha. Kunimmoo dhugoomuu kan danda'uu pilaanii ammayaa'an akka hoogganaman yoo taasifamedha. Gama kanaan Pilaaniin Giddugaleessa Guddinaa Baadiyyaa dhimma kana milkeessurratti iddo olaanaa qaba. Hanga Amajjii bara 2016tti,kaayyoo kana dhugoomsuuf, Qorannoofi Qophii pilaanii Giddugaleessa Guddinaa Baadiyyaa 33fdalagameera.

6. Pirojeektii Qorannoofi Qophii Kaartaa Bu'uura:

Kaartaa bu'uuraa jechuun haala teessuma lafa naanno tokkoofi ragaalee nam-tolcheefi uumamaa kan hammate yommuu ta'u, kaartaan kunis akkaataa kaayyoofi tajaajilaaf ooluun ulaagaa garaagaraatin kan qophaa'udha. Kaartaan bu'uuraa qophii pilaanii magaalotaaf akka ka'umsaatti kan tajaajiluufi yoo xiqaate haala ijaarsa toora daandiifi ragaalee daangaa bulchinsa magaalotaa kan haammatu dha. Akkasumas kallattii diriirsaa ibsa, bishaan, bilbilaafi balfa dhangel'aa haala agarsiuun kan qophaa'u dha.

Bara hundeffama inistiitiyuutichaarraa eegalee pirojeektii qorannoofi qophii kaartaa bu'uuraa kana hojiirra oolchaa adeemuuf hojjetamaa tureera. Hanga Amajjii bara 2016tti qophii kaartaa bu'uuraa magaalota 68 raawwatameera.


7.Pirojeektii Qoranno Qophii Diizaayinii

Magaalaa:

Pilaaniin misooma qe'ee tarreeffamaan yommuu qophaa'u, haala magaalaa ifatti mul'isuu danda'uun kutaa magaalaa tokkoof dizaayiniiniin magaalaa waliin akka qophaa'u taasifama. Kunis bareedinafi guddina misooma magaalaa gabbisuuf uumuuf pilaaniin tarreeffaman qophaa'u qaba. Hojiin dizaayini magaalaa qindoomina pilaanii, sirna gamoowwaniifi teessuma lafaati jechuun ni dandaa'ama. Tarreefamnni wixinneewwaan sadarkaafi qajeelfama gamoowwan, bakki magariisaa, tajaajila ummataaf oolanii, marfata konkolaataafi bakkeewwan duwwaa ta'an, sarara dhabamsisaa balfa dhangala'aaf k.kf dizaayinii magaalotaaf qophaa'an keessatti dhimmoota haammamataniidha.

Kana malees, magaalota dhiyyeessi bu'uuraalee misooma qindaa'aa ta'an halluu gamoowwanii, dallaafi biqiltuwwan magariisa haala teessuma lafaa waliin wal-simsiisuun kan qophaa'udha. Dizaayini magala pilaanii magaalaafi sirna gamoo akkasumaas wixinne raawwwii giddutti kan argamuuf pilaanii magaalaa gamoo waliin wal-simsiisun akka riqichaatti kan tajaajilu ta'ee milkaa'ina lamaanii giddutti rakkoo uumamuuf furmaata akka kennuti ta'ee qo'anno saayinsiwwaan kan qophaa'udha. Haaluma kanaan dizaayini magaalaa iddoowwaan filataman irratti pilaanii misooma qe'ee hojji irra olchuun itti fufinsaan mijaa'ina, miidhaginaafi misooma Magaalota mirkaneesuuf jecha tooftaa ittiin gargaaramanii dha

Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa bara hundeffamarraa eegalee hanga ammaatti saxaxaa magaalaa qopheessuurratti argama. Tarkaanfilee haaraa magaalota misoomsuuf adeemsifamaa jiran si'eessuuf, saxaxa magaalotaa 16 qopheessuuf karoorfamee hanga ji'a Amajjitti giddu galeessaan %63.4 irra kan gahe yoota'u, kan hafe adeemsarra jira.



Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biirro Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Opheessaa Beeksisa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii : www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Sochiin invastimantii industirii maanufaakchariingi naannoo keenyaa tarsiima'aafi galma ifaa qaba!

Yaadamaafi kaka'umsa "Itoophiyaan Haa Oomishtu" jedhu, Looreetii Nagaa Adunyaa, Ministira Muummee FDRI Dr.Abiyyi Ahimad erga burqisiisanii as, sosochiin industirii maanufaakchariingii akka biyyaatti jalqabame hedduu jajjabeessodha. Naannoon keenyas, industirii maanufaakchariingii akka toora xiyyeefannoo tokkootti qabachuufi dilbiifi carraawwan gama kanaan jiran adda baasee socha'uunsa milkaa'ina sosochichaatiif humna guddaa ta'aa jira.

Sochiin invastimantii industirii maanufaakchariingi naannoo keenyaa tarsiima'aafi galma ifaa kan qabuudha. Asirratti hundaa'uun, carraa hojii bal'dhaa uumuu, al-ergii (sharafa alaa) dabaluu, al-galtee biyya keessatti oomishuun bakka buusuu (import substitution), invastimantii kallattii Ambaa (Foreign Direct Investment) baay'inaan hawwachuu, akkasumas oomishtoota biyya keessaa jajjaabeessuurratti hojii bal'dhaan hojjetamaa jira; bu'aawwan onnachiisonis galmaa'aniiru.

Bu'aawwan gurguddoo bara kana sosochii kanaan akka naannotti argaman muraasa yemmuu ilaallu: waltajji marii adda addaa gaggeessuun qindoomina qooda fudhattoota indastirii maanufaakchariingii cimsuun danda'ameera; hudhaaleen akka rakkoo faayinaansii, bu'uuraalee misoomaa, galteewwan ijaarsaafi oomishaa daran hir'dhisuun danda'ameera.

Bu'uruma kanaan, industriiwwan hedduun dammaqinaan gara oomishaatti deebi'aniiru. Adeemsa milkaa'inaa kanaan, hundaa ol, oomishtummaan indastirii maanufaakchariingii hedduu guddate, al-ergiifi omisha al-galtee biyya keessatti bakka bu'u dabaluun danda'ameera.

Gama biraatiin, lammilee hedduuf carraa hojii bal'dhaa kan uumame yoota'u, hubannoон seektaricharra jirus daran fooyya'eera. Kunis, gahee industirii maanufaakchariingii oomisha Dimshaasha Biyya Keessaa (GDP) keessatti qabu akka dabalu dandeessiseera.

Kana yoo jennu, imala seektarichaa ariitii barbaadamu irraa geenye jechuu miti. Kanaaf, yeroo dhufuttis, sosochii "Itoophiyaan Haa Oomishtu" jedhu kana caalatti fayyadamuu hudhaalee industiriwwan maanufaakchariingii hojirra jiranii osoo hin furamin hafan adda baasuun kan furru, akkasumas, invastimentii haaraaf haala mijataa umuurratti kan hojjennu ta'a.

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa . . .

malaammaltummaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005n qabeenya yakka malaammaltummaan argame jechuun qabeenya kamiyyuu yakkamaan yakkicha raawwachuu horatee kallatiidhaan ykn alkallattiin of harkaa qabu ykn qabeenya ykn qarshii kallattiin ykn alkallattiin yakkamaan kennaadhaan nama biroof dabarse, nama biroo bira kaa'e ykn nama biratti dhoksee jiru dabalata. Bu'uura labsii kanaatiin manni murtii qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e uguruu danda'a. Ajajni ugurrii qabeenya kun qorataa polisii ykn abbaa alangaatiin kan gafatamu ta'e hundeffama himanna dura ykn booda kakuudhaan dhiyaachuu danda'a. Qabeenya akka dhorkamuuf gaafatamu bu'aa yakka malaammaltummaa ta'uunsa bakka ragaan agarsiisu hin jirretti garuu shakkamaan qabeenya hin malle sassaabee jiraachuunsa ykn yakka malaammaltummaa raawwateen miidhaan namarra gahee kan jiru yoo ta'e qarshiin maqaasaatiin baankiitti kuufamee jiru ykn qabeenya biroo faayidaa hin malle sana ykn miidhaa qaqqabe gituu danda'urratti iyyanni dhorkaa kakuun deggeramee yeroo dhiyatetti manni murtii dhorkaa kennuu danda'a. Qabeenyi bu'aa yakka malaammaltummaa ta'uun shakkamuun ugurame yeroo murtiin dhaalmaa kenname ykn himannaan adda cite ykn himatamaan bilisa jedhametti ykn himatamaan balleessaa ta'e hin argamnetti ajajni ugurrii ka'uu danda'a. Murtii dhaalmaatiin yoo ta'een alatti manni murtii ajaja ugurrii dursa kennee ture kaasuuf iyyata ugurriin akka ka'uuf himatamaan dhiyeesse irratti abbaan alangaa deebii akka kennu erga taasiseen boodadha.

Kanaan alattis, namni ajajni ugurrii isa qaqqabe kamiyyuu ugurriin akka ka'uuf ykn akka

*Qorattootni: Abdii Tasfaa, Kadir
Qaasoo; Inistiitiyuutii Leenjiifi
Qorannoo Seeraa Oromiyaa
(ILQSO) Caamsaa, 2015*

Beeksisa

Arsii

Baankii Siinqee W.A Qabeenya armaan gadii bu'uura Aangoo Labsii 97/1990 (akka fooyya'etti) kennameefin gurguruu barbaada

T.L	Maqaa Liqeffataa	Maqaa Nama qabeenya qabsiisee	Damee Liqeesse	Teessoo Qabeeyaa Caalbaasiif dhiyatee, Lakk.Kaartaa, fi Bal'ina Lafichaa				Ka'umsa Caalbaasiif Qarshiidhaan)	Yeroo Caalbaasiif itti gaggeeffamu		Marsaa Caalbaasiif/ Caalbaasiif kan ba'e
				Qabeenya Caalbaasiif dhiyate	Magaala/Kutaa Magaala/ Aanaa/ Ganda/Lakk.Manaa	Lakk. Kaartaa	Bal'ina fi Sadarkaa Lafichaa		Guyyaa	Yeroo (Sa'atii)	
1	Atsed Abebe Magarsaa	Atsed Abebe Magarsaa	Gullallee	Mana Kusaa	Magaalaada Adamaa ganda Bokkuu Shanan	WBIFL/ 240/503	Bal'inni laficha 1500m ² , Sad. Lafichaa 2 ^{ha}	5,933,802.13	11/10/2016	Waaree dura sa'a 4:00-6:00	1 ^{ha}
2	Badhaanee Asaffaa Jiloo	Asefa Jiloo Waaree	Bishaan Gurraachaa	Gamoo Mana daldalaa (G+2)	Magaalaada Bulee Horaa, ganda 03	1299/A.312/2000	Bal'inni laficha 702 m ² , Sad. Lafichaa 1 ^{ha}	3,743,737.81	12/10/2016	Waaree dura sa'a 4:00-6:00	1 ^{ha}
3.	Bikiyyuu Konsichaa Duubee	Bikiyyuu Konsichaa Duubee	Bishaan Gurraachaa	Mana Jireenyaa Tajaajila Wal makaa	Godina Arsii Lixaa, Magaala Bishaan Gurraachaa ganda 01	WBIFLM/0193/14	Bal'inni laficha 1000 m ² , Sad. Lafichaa 1 ^{ha}	6,967,704.90	22/10/2016	Waaree dura sa'a 4:00-6:00	1 ^{ha}

Dambiiwwan Caalbaasiif:

- 1) Dorgomaan ykn bakka bu'aan seeraa dorgomaa gatii ka'umsaa Caalbaasicha 1/4^{ha} Ajaja Baankii /C.P.O/ dhaan mirkanaa'e qofa qabsiisun galmaa'uun dorgomuu ni danda'a. Dorgomaan Caalbaasicha mo'ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo'ate kaffalee kan hin xumurre yoo ta'e, Qarshii qabsiise Baankichaaf galii ta'ee, Caalbaasichi kan haqamu ta'a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi Caalbaasichaaf irra deebiin ba'uun uumamuuf itti gaafatamaa ta'a. Dorgomtoota Caalbaasicha mo'atamaniif Ajaja Baankii /C.P.O/ qabsiisan guyyaadhuma sana deebi'aaf.
- 2) Caalbaasiif irratti argamu kan danda'u dorgomaa, liqeffataa fi qabsiisaa qabeenya ykn bakka bu'aa seeraa isaanii qofa ta'a.
- 3) Caalbaasichi kan adeemsifamu teessoo/bakka qabeenyonni kanneen argamanitti ta'a.
- 4) Kaffaltii Liizii fi kanneen biroo bitataan bu'uura seeraatiin akka kaffaluuf murtaa'ee/dirqamu kanneen Taaksii waliin walqabatan bitataan/

Obbo Goobanaa Gurmeessaa Magaala Nageellee Arsii ganda malkaa shaayeet kan ta'an kuusaan mana hojji keenyaa keessaa qaban waan jalaa badeef kusaan yeroo akka banamuuf waajjira keenyaa gaafataniiru. Kanaafuu namni mormu ykn dhimmi kun na ilaatala kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate kusaan yeroo banameefi tajaajila kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaala Nagallee Arsii.

Aadde Na'imaa H/Jundii kan jedhaman Kaartaa Lakk. isaa 0262424/2011 ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa hojjatamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka buufnee abbaa dhimma kanaaf hojjatamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaala Dheeraa.

Obbo Huseen Bariisoo Nuuree Magaala Dodolaa ganda Madda Waabee Ollaa 12^{ha} keessatti qabiyyee lafaa Lakk. Kaartaa 291/H-841/99 ta'e galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaala Dodolaa.

Obbo Asnaaqee Makuriyaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Dhaabbata Inshuraansii Awaashii Himatamaa isin gidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 08/09/2016 sa'atii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, yoo dhiyaachuu baattan bakka isisn hin jirretti kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/O/G/A/Lixaa.

mo'ataan battala Caalbaasii mo'atee qabee kan kaffalu ta'a.

- 5) Waldaan Daldalaa Waldicha bakka bu'ee Caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisuu (Barreeffama Hundeffamaa fi ykn Dambii ittiin Bulmaataa) fi aangoo bakka bu'iinsa seeraa qabatee dhiyaachuu qaba.
- 6) Baankichi karaa miaawaa biroo yoo argate, Caalbaasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen osoo hin gaggeessiin haquuf mirgi isaa kan eegaamedha.
- 7) Namni qabeenyota Caalbaasiif dhiyatan kanneen ilaaluu barbaadu, Dameewwan kanneen beellama qabsiifachuun ilaaluu ni danda'a.
- 8) Bakki caalbaasiin itti gaggeeffamu bakka qabeenyichi itti argamuttidha.
- 9) Odeeffanno dabalataaf: Lakkoofta bilbilaa Baankii Siinqee Kutaa Tajaajila Seeraa (011-557-6016), Damee Gullallee (+251910182589), Damee Bishaan Gurraachaa (0462128110) ta'e irratti bilbiluun gaafachuun ni danda'a.

Baankii Siinqee W.A

Baale

Aadde Kadijja Muhaammad Bashiir Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa (saayit plaanii) Lakk. Kaartaa isaa 2781/1998 kan ta'e maqaa isaaniiin Magaala Roobee Ganda Odaa Roobee keessatti galmaa'ee argamu waan jalaa badeef, ragaa kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa hojji 20 keessatti akka dhiyaattanii beeksiftan, yoo hin dhiyaatin ragaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaala Roobee.

Iyyataan Obbo Kifiluu S/Maariyaam mana jirenyaa Magaala Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafaa isaa 1000M² qabanirraa hirisanii 250M² ta'e Obbo Masfin Wandowasanitti waan gurguratanifiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaala Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Araddaa Magarsaa mana jirenyaa Magaala Gooroo ganda 01keessatti bali'inni lafaa isaa 250M² irratti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu Obbo Nugusee Dameetti waan gurguratanifiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaala Gooroo.

Iyyataan Obbo Amaanu'eel Tolaa mana jirenyaa Magaala Gooroo ganda 01keessatti bali'inni lafaa isaa 208M² irratti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu Obbo Dajanee Abbabaatti waan gurguratanifiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaala Gooroo.

Iyyataan Obbo Haabtaamuu Kabbadaa mana jirenyaa Magaala Gooroo ganda 01keessatti bali'inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu Obbo Aliyyii Waliyyii Weebaattiwaan gurguratanifiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaala Gooroo.

Buunnoo Beddellee

Obbo Alamuu Baayyuu mana jirenyaa Magaala Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa L-0162/06 kan ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee lafaa bali'ina isaa 160M² irratti argamu Obbo Gazzahaanyi Shibiruutti waan gurguratanifiif jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e jijiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaala Beddellee.

Obbo Baanjuree Tasammaa mana jirenyaa Magaala Makkoo keessaa qaban Lakk. Kaartaa 724 ta'e bali'ina lafaa 200M² irratti argamu obbo Yimar Adamitti waan gurguratanifiif jijiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaala Makkoo.

Obbo Damballaash Gazzaany fi Aadde Wubijig Andu'aalem mana jirenyaa balbala 1 Magaala Dambii ganda 01 zoonii Guddinaa keessaa qaban Obbo Isheetuu Asaffaatti waan gurguranneef gurgurichi nuuf haa mirkanaa'u jedhanii. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan ragga'u ta'uu ni beeksifna. W/L/Aanaa Dhidheessaa.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Aadaa

Oliifan Raggaasaa

Gosoota uffannaa aadaa dubartootaa Oromoo Arsii

Ummanni Oromoo ummata aadaa, duudhaa, seenaafi ooltee bultee bara dheeraafi gabbataa qabudha. Keessumaa aadaafi ilaalcha ykn falaasama ummata kanaa gadi fageenyaan yoo ilaalan barnootaafi iccitii jireenyaa lakkaa'amee hin dhunne kanneen qaroominaafi beekumsa xabboo hawaasichaa ibsan hedduudha.

Aadaafi duudhaan sabni Oromoo qabu kun bara duriiraa eegalee seenaa, aadaafi duudhaan kun dhalootaa dhalootatti darbuun as gahan hedduudha jira. Aadaan abaabileefi akaakileen keenya abbootii keenyatti dabarsanii asiin gahan hedduudha: Isaanis meeshalee aadaa, nyaata aadaa, aadaa uffataa, urgeessituu aadaa, qoricha aadaa, sirba aadaa, aadaa hojiifi k.k.f hedduutu jira.

Aadaawwan sabni Oromoo qabu keessaa tokko aadaa uffannaati. Uffanni aadaa kunis waan lama irraa uffata kalaqee itti fayyadamaafi uffataa akka ture namoonni umrii dheeraa turaniifi lubbuun jiran ni himu. Isaanis: uffata aadaa gogaa looniifi bineensotaa irraafi fooyaa (jirbii) irraa tolfamaniidha.

Uffanni aadaa kunis ummata Oromoo biratti bakka guddaafi sadarkaa olaanaa kan qabuudha. Uffanni aadaa Oromoo kunis akkuma bal'inaafi qubsuma ummatichaatti godinaa godinatti garaagarummaa ni qabaata. Gosoota uffannaa aadaa Oromoo keessaa har'aaf uffata aadaa Oromoo Arsii kan dubartootaa gogaafi fooyaa irraa hojjataman keessaa isaan bebeekkamoon kanneen armaan gadiitti qindeeffamaniidha.

- Bonkoo

Bonkoon gosoota uffannaa aadaa dubartootaa Oromoo Arsii ta'ee, gogaa looniiraa kan hojjatamuudha. Uffanni kun ummaticha biratti kabajaafi iddo olaanaa qaba. Uffanni kunis yeroo cidhaafi yeroo qophii garaagaraa kan uffatamuudha

- Guftaa

Guftaan faaya dubartii kan fooyaa irraa hojjatamuudha. Kan uffatamus yeroo ayyaana garaagaraafi kadhanna waqaatiif dubartoonni Malkaafi Tulluutti baatudha. Uffannaa kanas dubartoonni mataatti kan hidhatan yommuu ta'u, halluunsaa gurraacha. Kunis hiika mataasaa qaba. Waaqa garaan gurraachaa akka jechuuti. Yeroo gaddaas akka mallattoo gaddaatti itti fayyadamuun Guftaa uffatanii gaddasaanii ibsatu.

Guftaa kan uffatan shamarran osoo hin taane dubartoota qofaadha.

- Shaashii Adii

Shaashii Adii uffata aadaa kan fooyaa (jirbii) irraa tolfamu ta'ee, kan dubartiin adda (kallacha) irratti hidhattudha. Shaashii biftisa Adii kan ta'eefi dubartiin yeroo bashannanaa, ateeteefi ayyaanaa Guftaan akka irraa hin buuneef kan ittiin qabattuufi bareedina dubartii sanaa dabaluuf kan ooludha.

- Qoloo

Qoloon uffata aadaa jirbii irraa hojjatamu ta'ee kan dubartiin mormaa gaditti kaa'achuun qaama irratti uffatamuudha. Qoloon hanga har'aatti iddo tajaajila itti kennutti baay'ee jaallatamuufi leellifamu yoo ta'u, yeroo duriifi ammas uffachuun bareedina dubartootaafi ijollee durbaa gonfachiiusuf kan gargaarudha. Qoloon halluuwwan:- Bulee, Diimaa, Adiifi kkf bareechifamtee hojjatamuun kan uffatamtudha. Kana malees, qoloon kan uffatamu yeroo ateetee, kadhanna waqaqa, ayyaana wagga, fuudhaafi heerumaa, bashannanaafi agarsiisa aadaalee uffanna garaagaraarratti kan uffatamudha.

- Sabbata

Sabbanni hidhanna aadaa kan dubartiin akka uffanni mudhiiraa hin buune sobbooqa qoolaa gargar baasuun ittiin hidhattudha. Akka aadaa Oromootti sabbanni hiika garaagaraa akka qabu kan himamu yoo ta'u, dubartoonni yeroo deessu hiini (dugdi) ishee akka hin daaqne kan ittiin jabeessituufi yeroo garaan beela'e garaa la'aatoo kan ittiin jabeeffatanidha.

- Qoola

Qoolli uffata aadaa Oromoo kan jirbii irraa hojjatamu ta'ee dubartoonni yeroo duri hammayyummaan hin dhufin sobbooqa isaa gargar baasuun sabbata gidduu isaa loosuun akka irraa hin buune hidhachuun uffata turaniidha. Qoolli halluun isaa adii ta'ee qaccee kuulaa irraan diimaadha. Uffata kanas ijollee dhiiraa, ijollee shamarraafi dubartoonni uffatanii jireenyasaanii gaggeeffataa kan turaniidha. Yeroo ammaa kana uffanni aadaa Oromoo guyyaa ayyaana wagga, cidhaafi qophiilee garagaraa irratti uffatamuurra darbee uffata guyyuu filatamaa ta'aa jira.

Maalummaa Haxarroo

Dubartoonni dur bareedina ofii eeggachuuf

jecha wantoota baay'ee raawwatu. Bareedina eeggachuun kunis fuula, nyaara, rifeensa, irga, qeensa yookiin kutaa qaamaa biraa ta'u ni danda'a. Shamarran Oromoos bareedina uumaman qaban irratti dabalataan of bareechuf kan itti fayyadaman keessaa tokko tumadha. Tumaan kun Arsii biratti Haxarroo jedhamuun beekama.

Haxarroon harka caalu fuularratti boqoo bitaafi mirgaa irratti kan tumatamu yoo ta'u, shamarran umuriin isaanii heerumaaf ga'etu tumata. Kan tumatanis fedhii isaanitiin yemmuu ta'u haxarroo kunis gosa lamatu jira. Isaanis Haxarroo Babassaafi Haxarroo Niqqisii jedhamuun beekamu.

- Haxarroo Babbassaa

Akaakuun Haxarroo kun boqoofi areedarratti sarara sadii sadii ta'ee kan baqaffamuu dha. Yeroo tokko sarara lamas ta'u danda'a.

- Haxarroo Niqqisii

Akaakuun Haxarroo kanaa baay'inaan geengoo xixiqqa godhamee boqoo lamaanirratti kan hojjetamu yoo ta'u, areeda irrattilee hojjatamu ni danda'a.

Akka aadaa hawaasa naannoo kanaatti shamarreen haxarroo tumatte tokko dargaggeyyii biratti jaalala horatti jedhameet amanama waan ta'eef shamarran fedhii isaanitiin haxarroo tumatu. Dargaggeessi tokko shamarree haxarroo tumatte takka yoo jaalateakkana jedhee sirba ykn weeddisaaf.

"Goodayyaa keetiin bilaalii,

Keessa kaayii hinaarii,

Haxarroo keetiin na ilaalii" jedhani.

Yookiin immoo dargaggeessi shamarree Haxarroo qabdu takka yoo hawwathee isaa waliin akka taphattu barbaade akkana jedhaan.

"Haxarroo kee babbassaa

raftee jirtii dammaqsaa" jedhee sirba.

Kun Shamarreen Haxarroo tumatee heerumaaf qophii akka taate agarsiisa. Kana jechuun shamarreen heerumaaf qophii hin taanes tumachuu hin dandeettu jechuu miti. Dubartoonni dahanis Haxarroo ykn tumaa tumachuu wanti daangessu hin jiru.

Waajjira Kominikeeshinii Godina Arsii

Lixaarraa

Obbo Ramadaan Abdalla fi Aadde Leensee Kadir mana jirenyaa balbala 1 Magaalaa Dambii ganda 01 zoonii Lalistuu keessaa qaban Obbo Balaachoo Nibkaneetti waan gurguranneef gurgurtichi nuuf haa mirkanaa'u jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan ragga'u ta'uu ni beeksifna. W/L/Aanaa Dhidheessaa.

Hawwii A/Fooggii manajirenyaa balbala 1 Magaalaa Dambii ganda 01 zoonii Tokkummaa keessaa qaban Obbo Nuurjabaa Awwalitti waan gurguranneef gurgurtichi nuuf haa mirkanaa'u jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan ragga'u ta'uu ni beeksifna. W/L/Aanaa Dhidheessaa.

Aadde Baafanaa Mangistuu mana jirenyaa balbala 1 Magaalaa Dambii ganda 01 zoonii Abdii Boruu keessaa qaban Obbo Fiqree Sisaayitti waan gurguranneef gurgurtichi nuuf haa mirkanaa'u jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan ragga'u ta'uu ni beeksifna. W/L/Aanaa Dhidheessaa

Sheek Shifaa A/Saanbii mana jirenyaa balbala 1 Magaalaa Dambii ganda 01 zoonii Abdii Boruu keessaa qaban Zaalikaa Jamaaliitti waan gurguranneef gurgurtichi nuuf haa mirkanaa'u jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan ragga'u ta'uu ni beeksifna. W/L/Aanaa Dhidheessaa

Aadde Wubaalem Zawudee, Aadde Zinnaash Zawudee, Obbo Taammiruu Zawudee, Baahiruu Zawudee, Aadde Askaalmaariyaam Zawudee, Obbo Seefuu Zawudee fi Aadde Masarat Zawudee bakka buutuu Aadde Baafanaa Zawudee mana jirenyaa balbala tokko kan qaban Magaalaa Dambii ganda 01 zoonii Guddinaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'e lafa bali'ina isaa ---- irratti argamu Dhaabbata Mabaa Cageetti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Dhedheessaa.

Booranaa

Obbo Muraad Daliliifi Aadde Na'imaa Shukur qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jirenyaa Lakk. kaartaa isaa 1858/BMN/01/01/01ta'e lafa kaareemeetira 634 irratti maqaa Obbo Muraad Daliliitiin galmaa'e argamurraa qoodanii lafa karee meetira 233M² Magaalaa Nageeltee Booranaa ganda 01 keessatti argamu Aadde Fallaqech Mokonnintti gurguranneera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageeltee Booranaa

Obbo Mitikkuu Nugusee Hayileetiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Abbaa Alangaa Godina Booranaafi Himatamaa isin gidduu falmii yakka meeshaalee kontirobaadii geejjiisiisuu jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 12/09/2016 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan dhaga'amu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Gujii Lixaa.

Obbo Nuuraddiin Farajaa Mahammad B/B Asiraar Awwal Qabeenyummaa isaanii kan ta'e Mana Daldala lakk. Saayit pilaanii B.M.N/01/02/08 Magaalaa Nageeltee Booranaa ganda 01 keessatti maqaa Obbo Nuuraddiin Farajaa Mahammadtiin galmaa'e argamu bali'inni lafa isaa 5M² irratti argamu dabarsanii Obbo Jamaal Badiruu Ahmadtii gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageeltee Booranaa.

Obbo Yohaannis Barhee kan jedhaman jiraataa Magaalaa Nageeltee Booranaa ganda 02 keessatti waraqaan raga abbaa qabeenyummaa Orijinala lakk. 376/89 galmaa'e guyyaa gaafa 17/09/96 bahii ta'e karee meetira 600M² ta'e waan jalaa badeef haaraan akka bakka bu'uuf gaafataniru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti akka dhiyaatu beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageeltee Booranaa.

Gujii

Caalbaasii Marsaa 1ffaa

R/Himataa;- Obbo Abdulhaazif Abdulsamadiif R/Himatamtoota ;- Obbo Sabbaah Mannuunifi Aadde Naabiyya Ahmadii jidduu falmii raawwii murtii jiru ilaachisee qabeenyaa raawwii himatamaa kan ta'e mana jirenyaa magala qarcaa keessatti argamu bal'inni lafa kaaree meetirri 135 irratti ijaaramee jiru ka'umsa tilmaameen qarshii 287,500tiin gaafa 15/09/2016 sa'atii 4:00 - 6:30ti caalbaasiin ifaa ta'een waan gurguramuuf namoonni caalbaasiin kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan dhiyaattanii bitachuu kan dandeesan ta'uu ibsaa, caalbaasiin mo'ataan gatii walii gala keessa 25% battulumatti mo'ateen kan kaffaluu ta'e, kaffaltii guutuu isaa guyyaa caalbaasiin raawwataamee eegalee guyyaa (15) keessatti kan hin kaffalee yoo ta'e caalbaasiin mo'ataan mirga isaa dhabuun caalbaasiin haaraa irra deebi'uun kan ba'u manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Gujii Lixaa.

Obbo Zalaalam Masarat Asnaaqee mana suuqi Lakk. isaa B2-18 kan ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) Daldaala irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Laga Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 17.1M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 1110/07ta'e Obbo Gammachuu Dawoo Abeetuutti gurgurani waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Obbo Eggataa Alaakaa Yaachis mana daldaala Lakk. isaa B2-220 kan ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 144.3M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 480/10ta'e Aade Feeban Zarfuu Woldeetti gurgurani waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

1^{ffaa} Waaqoo Gannoootiif

2^{ffaa} Anteenee Geetaachootiif

5^{ffaa} Jiraattuu Dastaatiif

9^{ffaa} Duuloo Dullachaatiif

14^{ffaa} Dabalaa Areeriitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Abbaa Alangaa Godina Gujii Lixaafi Himatamtoota isin gidduu himannaa yakka malaammaltummaa raawwachuu jiru ilaachiseemana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/09/2016 sa'atii 4:30 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan dhaga'amu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Gujii Lixaa.

Obbo Kaalid Rashaad Dabaluu mana Jirenyaa Lakk. isaa AW/GOD/297-013ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Odoo Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 167M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 8094/16 ta'e Obbo Masaay Geetaahun G/Kiristoostti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Iluu Abbaa Boor

Obbo Alamuu Gazzaahany mana balbala tokko tajaajila (R2) kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0222905 ta`een galmaa'e lafa bal'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Abdee Siddiqqoottti waan gurguraniif jijiirraa maqaa nuuf haa raawwatuuf jedhanii gaafataniru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Obbo Garramu Uggaa mana jirenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaai jiru maqaa isaaniitiin galmaa'e lafa bali'ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa Dhu/15/2010 Aadde Badiriyyaa Muusaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Yaayyoo.

Obbo Alemuu Yewaalaa mana Magaalaa Yaayyoo ganda 01 zoonii Guddinaa keessaai qaban maqaa isaaniitiin galmaa'e lafa bali'ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa --- Obbo Abarraa Mangistutti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Yaayyoo.

Obbo Indashaaw Kabbadaa mana jirenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Tokkummaa ganda 01 keessaai maqaa isaaniitiin galmaa'e lafa bali'ina isaa 200M² irratti argamu Obbo Sayid Abdallaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Mulugeetaa Indaalee mana jirenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Tokkummaa ganda 01 keessaai maqaa isaaniitiin galmaa'e lafa bali'ina isaa 200M² irratti argamu Aadde Meetii Tafarraatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Waasihuun Garramuu mana jirenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Bilbilaa ganda 01 keessaai maqaa isaaniitiin galmaa'e lafa bali'ina isaa 500M² irratti argamu Obbo Geetuu Ittafaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

Aadde Sewunnet Warquu mana jirenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Deg-basi ganda 01 keessaai maqaa isaaniitiin galmaa'e lafa bali'ina isaa 200M² irratti argamu Aadde Wayinituu Alamaayyootti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

1^{ffaa} Aadde Zeenit Ahimad 2^{ffaa} Aadde Faaxumaa Ahimad 3^{ffaa} Mareemaa Ahimad 4^{ffaa} Amiinaat Ahimad 6^{ffaa} Abduljalil Ahimad 7^{ffaa} Ismaa'el Ahimad mana Jirenya Magaalaa Mattuu ganda Gaaddisa Odaa keessaai qaban maqaa isaaniitiin galmaa'e beekamu Lakk. Kaartaa isaa ta'e Lafa bali'inni isaa 205M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 1^{ffaa} argamu karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Nuuruu Huseen Mahammadii Obbo Usmaan Iisaa Xahaatti gurgureera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Raggatuun Sanbatoo mana jireenyaa balbala tokko Magaalaa Bachoo ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 477/2016 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa 172M² irratti ijaaramee argamu Obbo Sintaayyoo Dibaabaatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Bachoo.

Obbo Abdee Saddiqoo mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (R2) kan ta'e Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa 0222923 ta'e bali'ina lafaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Malaakuu Birhaanuutti waan gurguraniif jijiirraa maqaaf nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Aadde Taaddalech Isheetuu mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (R2) kan ta'e Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa 0222928 ta'e bali'ina lafaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Malaakuu Birhaanuutti waan gurguraniif jijiirraa maqaaf nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Obbo Isheetuu Geetaahuun mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii -- keessatti Lafa kaareemetira 355M² irratti argamu Obbo Yoonaas Geetahuuniitiif kenneeraaf jedhanii. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Hurrumuu.

Jimmaa

Obbo Raayyaa A/Cabsaa Lakk. Kartaa hin sochoone 745 ta'e tajaajila mana jireenyaa kan ta'e Magaalaa Jimmaa ganda G/Guduruu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraabakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa fi waliigaltee liizii kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraabakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Oliyyataan Obbo Dibaabaa Katamaa fi deebii kennitoota Aadde Jifaaree Taajjabaafi Obo Eermiyas Dibaabaa jidduu falmii Hariiroo Hawaasaa jiru ilaachisee himatamaan obbo Eermiyas Dibaabaa mana murtii kanatti falmii H/Haawaasaa oliyannoon isinirratti dhiyaachusaa beektanii beellamaan dura karaa kutaa ofiseera seeraatiin garagalchii komii dhiyaate fudhachuudhaan beellamaa gaafa 13/09/2016 sa'atii 8:30 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyaeffattan ta'ee, kan hin dhiyeffanne yoo ta'e mirgi debii keessan barreeffamaan dhiyeffachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/W/Oromiyaa dhaddacha Dhaabbii Lixaa Damee Jimmaa.

Obbo Ahimad Abdutiin galmaa'ee argamu lakk. kaartaa kan Hinschoone 2315/2009 gaafa guyyaa 11/12/2009 kan ta'e tajaajilli isaa mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda M/Qocii keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraabakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraabakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo A/Biyyaa A/Fiixaatiin galmaa'ee argamu lakk. kaartaa kan Duwwaa 2020/2000 gaafa guyyaa 20/6/2000 kan ta'e tajaajilli isaa mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda M/Qocii keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraabakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraabakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Kabbadaa Daliiltiin galmaa'ee argamu lakk. kaartaa kan Hinschoone 2342/2002 gaafa guyyaa 9/9/2002 kan ta'e tajaajilli isaa mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda Ginjoo keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraabakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraabakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Abdurahim Zinaabtiin galmaa'ee argamu lakk. kaartaa kan Hinschoone 2378/2009 gaafa guyyaa 5/11/2009 kan ta'e tajaajilli isaa mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda B/Booree keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraabakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraabakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Obbo Xilahuun Mangashaa fi M/A/Idaa Obbo Ayyalewu Garramuu murtii iyyattuu Aadde Meeroon Bayyanaa jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee mana jireenyaa lafa kaaree meetira 200 irratti qubatee maqaa Obbo Ayyalewu Garramuutiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 655/535/2013 kan ta'e ka'uumsa caalbaasii qarshii 637,982.59tiin gaafa 02/10/2016 sa'atii 4:00 --- 7:00tti caalbaasii ifa ta'een akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka'uumsa caalbaasiirraa ¼ CPO qabsisuudhaan bakka qabeenyichi argamutti Godina Arsii Aanaa Martii Magaalaa Abboomsaa keessatti dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. Odeeffannoo Dabalaataatiif 0912303733 M/M/A/Kutaa Magaalaa Luugoo.

Caalbaasii

R/Himattonni Mihirat Damisee N-2 fi R/himattonni Alamaayyoo Damisee N-3 jidduu falmii raawwii jiruun walqabatee qabeenyaa falmiif sababa ta'e mana jireenyaa Lakk. Kaartaa S/2473/98 Bulchiinsa Magaalaa Caffee keessaatti argamu bali'ina iddo 297.5KM² qubata fi mana kuta kudha afur qabu maqaa du'aa Obbo Damisee Daadhiitiin galmaa'ee ka'umsaa caalbaasii qarshii 959,556.85tiin gaafa 03/10/2016 sa'atii 3:00 hanga 6:00tti bakka qabeenyaa kun argamu Bulchiinsa Magaalaa Caffee iddo addaa naannoo raggee daandii asfaaltii muummeetti argamuun ka'uumsa caalbaasiirraa ¼ CPOdhaan qabsiistanii dhiyaattanii bitachuu kan dandeesan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Caalbaasii

Biiroo Galiiwan Orominyaatti Waajjira Galiiwanii Kutaa Magaalaa Sabbataa Waajjirri Kaffalaa gibraa Aanaa Moglee kan ta'an Obboo Fissahaa Walda Tsadqaan Mangaashaa Lakk. TIN 0003500941 tiin galmaa'ee kan beekamu Gibira Bu'aa daldala osoo hin kaffaliin waan hafaniif akkaataa labsii Bulchiinsa Taaksii MNO lakk. 203/2009 keew. 43 fi Labsii TDQ (VAT) lakk. 285/2002 tiin aangoo nuu kennameen Qabeeenya Abbaa Idaa Maqaa Kaffalaa gibraa kanaan galmaa'ee kan beekamu konkolaataa Mini baasii moodelli isaaa KG-LH172V-RRPDS Lakk Shaansii * LH172-0018087 ,Lakkofsa motoraaa 5L-4769019 ta'e Caal-baasii ifaan waldorgaomsiisee gurguruu barbaada. Kanaafuu Namoonni yookiin dhaabbanni dorgomuu barbaaddan ;

- Umriin isaa waggaa 18 tti ol kan ta'e dorgomuu kan danda'uu fi guyyaa caal-baasiin kun kallacha Oromiyaa irratti maxxanfamee ba'ee irraa eegalee guyyaa 15(kudha shan) keessatti qarshii hin deebinee 500 (dhibaa shan) tiin sanada caalbaasiif qophaa'ee Waajjira Galiiwanii Kutaa Magaalaa sabbataatii bitachuu ni danda'a.
- Dorgomtoonni guyyaa beeksifni caalbaasii kun Gaazexaa kallacha Oromiyaa irratii maxxanfamee ba'ee guyyootaa 15'f qabeenyichi bakka argamu Waajjira Galiiwanii Kutaa magaalaa Sabbataa Mooraa Bulchiinsaa Kessattii ilaaluun ni danda'ama.
- Dorgomtoonni sanadaa bitachuudhaan unka qophaa'ee jiru irratti ka'umsa gatii ittiin bituuf dorgomaan qarshii isaa jechaa fi lakkofsaan barreessuun gagaadhaan samsaani galchuu qabu.
- Dorgomtoonni ka'umsa caal-baasii qabeenyichi itti gurguramuuf taa'e keessaa 1/10 ykn 10% kabachiisaa caal-basii Baankii Daldala Itoophiyaa C.P.O qabsiisee ragaa isaa dhiyeessuu qaba.
- Dorgomtoota keessaa kan mo'ate yeroo beekamutti guyyaa mo'ate irraa kaassee guyyaa 15 (kudha shaan) keessatti qarshii ittiin mo'ate hunda lakkofsa herrega baankii Waajjirchi kenuuf irratti galchee fudhachuu qaba.
- Jijiirraa maqaa walii wal-qabatee baasii jiru qamaa caal-basicha mo'ateen kan hagugamu ta'a.
- Waajjirichii filannoo biraan argatu yoo ta'e caal-basicha guutummaa guutuutti ykn gamtokkeedhaan haquuf mirga guutu qaba,
- Caal-basichi qilleensa irra guyyaa 15 erga oolee booda ; gaafa guyyaa 15^{ffaa} waaree booda sa'atii 10:30 irratti saamsamee dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni fi taajjabdoonni bakka argamanitti gaafa guyyaa 16^{ffaa} Waaree dura sa'atii 5:00 irratti kan saaqamu ta'a. Ibsaa dabalataaf Lakk. bilbilaa 0921880831, 0911965789 irratti bilbiluun odeeefannoo dabalataa gaafachuu dandeessu. **Waajjira Galiiwaanii Kutaa Magaalaa Sabbataa**

Caalbaasii Marsaa 2^{ffaa}

M/A/Mirgaa Aadde Makkiyaa Mass'uudiifi M/A/Idaa Sulxaan Kadiir jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee mana jireenyaa lafa kaaree meetira 360 irratti qubatee maqaa obbo Sulxaan Kadiiritiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 971/93 kan ta'eefi qabeenyaa dhaabbataa mooraa manichaa keessatti argamu 1^{ffaa} Hundee bunaa 4 2^{ffaa} Abukaadoo hundee 2, 3^{ffaa} Zayitunaa hundee 1, 4^{ffaa} shifarraa hundee 1, 5^{ffaa} Maliyaa Hundee 4, 6^{ffaa} Muuzii hundee 1 Anaa Migiraa keessatti argamu ka'uumsa caalbaasii qarshii 2,129,983.68tiin gaafa 28/09/2016 sa'atii 4:00 --- 6:30tti caalbaasii ifa ta'een akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka'uumsa caalbaasiirraa ¼ CPO qabsisuudhaan bakka qabeenyichi argamutti Magaalaa Adaamaa Ganda Migiraa keessatti dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. Odeeffannoo Dabalaataatiif 0903461414 M/M/A/Kutaa Magaalaa Luugoo.

Dargaggooni ilaalcha misoomawaafii dimookiraataawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Qonnaan bulaa waggaa tokko dura sangaa qarshii kuma 75n bitee furdisuun qarshii kuma 270 tti gurgure!

Hawaasni biyya keenya kallattiin is ta'e alkallattiin jiruufi jireenyisaa kan irrat bu'uureffate qonna. Qonna jechuun immoo lafa qotuufi beeylada horsiisuu kan ofkeessatti hammate ta'uun saayinsii qonnaa ni ibsa.

Qonni bu'uura dinagdee biyya keenyaati. Jiruufi jirenyi ummata naannichaa darbees biyyaa kan hundaa'u qonnarratti. Hojiin qonnarratti hojjetamu warraaqsa dinagdee naannichaarratti dhiibbaa eeyyentaa qaba.

Haata'u malee damee qonnaan carraalee jiraniifi pootenshaala qabnuun fayyadamuurratti hanqinoota heddu keessummeessa turreerra. Lafa biyyee gabbataa, bishaan lafa jalaafi lafarraa gahaa, rooba gahaa osoo qabnuun wabii midhaan nyaataallee mirkaneeffachuu hin dandeeneye.


Maarree qonna bu'uura dinagdee uummata keenya ta'e kana mmayyeessuufi bu'aa barbaadamu akka argamsiisu hojii hubanno uumuu kan iraa eeggamu mootummaafi qooda fudhatoota misoomaa waan ta'eef hojii bal'aan irrat hojjetamaa tureera.

Mootummaan Jijiiramaa qaawwaa jiru kana furuuf damee qonnaarratti hojii bal'aa hojjeteefi hojjetaa jiruun milkaa'inooni hedduun galmaa'aniiru.

Kana ta'uusaatiifis agarsiistuu gurguddootu jira. Kunis GDP akka waliigalaatti akka biyyaatti jiru keessa gaheen seekter qonnaa %32. 5 kan shallagamudha. Sharafa alaa keessa dhibbantaa 71 ol damee qonnaarraa (al-ergii qonnaarraa) kan argamuudha. Kanaaf sharafa alaa barbaanna yoo ta'e al ergii keenya guddisuu qabna. Kanaaf Mootummaan xiyyeefanno kan hojjetaa jiru. Kan bira akka agarsiistuutti ka'uu kan danda'u carraan hojii humna namaa baay'eef kan itti argatu damee kanaadha. Carraa hojii kanaa dhibbantaa yommuu ilaallus 73% qooddata.

Akkuma armaan gubbaatti kaafne qonni lafa qotuun oomisha callaa argamsiisu qofa osuu hin taane horsiisa beeyladaas cimsuun madda nyaataafi galii hawaasaa taasisuu akkasumas madda sharafa alaa taasisuudha. Kunimmoo sanyii beeyladaa fooyyeessuu barbaachisa. Kanaan walqabatee xiyyeefanno addaa itti kennamee akka inisheetiviitti qabatamee kan hojjetamaa jiru ta'u ragaan Biiroo Qonnaan Oromiyaa ni addeessa.

Dubbiin ijoo barreffama kana garu hojii bal'aa damee qonnaa kana keessatti hojjetamaa jiruufi hojjetamu qabu hunda ibsuu osuu hin taanee muuxannoo qonnaan bulaa Godina Harargee Lixaa Aanaa Shanan Dhuuggotti sangoota sanyii dhiigni fooyya'oo bituun furdisee qarshii baay'ee olaanaatti gurgurute dubbistootaaf quoduuufi.



Kaayyoon muuxannoo kanaas qonnaan bulaan keenya beeylada keessattu loon dhiigni fooyya'oo kunuunsuun furdisee bu'aa gaarii jirenyasaa jijiiruu danda'u akka iraa argatuufi. Muuxannoona Aanaa Shanan Dhuuggos kunooti. Godina Harargee Lixaa Aanaa Shanan Dhuuggotti qonnaan butoonni furdisa loonii mala aammayya'aa fayyadamuun gabbisa looniirratti bobba'an bu'aa qabeessa tahaa akka jiran Waajirri Qonnaa aanichaa ni ibsa.

Bara dabre qonnaan bultooni 9,000 ol furdisa loonii mala aammayyaarratti bobba'un sangooni kuma 15 ol furdachaa kan ture tahuu Ittigaafatamaan Waajirra Qonnaa Aanaa Shanan Dhuuggoo Obbo Muussaa Abraahim dubbataniiru.

Bara kanaas qonnaan bultoota kuma 15 ol biratti furdisa loonii mala aammayya babaldhisuun sangoota kuma 40 ol furdisuuf karoorfamee hojii hojjatamaa jira. Hanga ammatti qonnaan bultooni naannoo 10,800 ol furdisa loonii mala aammayyaarratti bobba'un sangooni kuma 38 ol furdachaa kan jiru tahuus Obbo Muussaa dubbataniiru.

Aanichatti bara kana sangaan tokko hanga 25000 olitti gurguramaa kan jiru yoo tahu, garuu tibba kana qonnaan bulaa maqaan Abdurraazzaq Muhammad jedhamu jiraataa aanichaa Araddaa Abbaa Cabsii Ganda Harooliitii kan tahe sangaa tokko qarshii 270,000tti gurgurachuu gurra nama hedduu argachuurratti argama.

Obbo Abdurraazzaq Muhammad sangicha waggaa tokko dura magaalaarrraa qarshii kuma 75tti bituu hima.

Sangicha guyyaa biterraajalqabee iddo ciisicha mijataa manatti tolchuun citaa dabalatee daakuu boqqolloo, ataraafi furushkaa bishaaniin walitti makuun akka marqaatti nyaachisaa akka ture kan dubbatan Obbo Abdurraazzaq bishaan lagaa harreen waraabee manatti obaasas jedha.

Obbo Abdurraazzaq sangichi fedhii nyaataaf qabu akkan hir'annef torbe lamatti yeroo tokko lilmee vitaaminiifi qorachaa ogeessi beeyladaa araddasaaniin manatti dirsiisa (waraansisaa) akka tures himaniiru.

Ogeessi Saayinsii Beeyladaa Ahmad Mahaammad jedhamuu yeroo yeroon hubannoofi deeggarsa ogummaa isaanii taasisaa turu kan dubbatu Obbo Abdurraazzaq Muhammad hubannoofi deeggarsaan ogeessa kanarraa argadhetti fayyadameen yeroo gabaabaa keessatti gabbise" jechuun isaaniis bu'a qabeessa akka tahe hima.


Kanaan duras sangoota furdisa gurguraa ture kan jedhan Obbo Abdurraazzaq Muhammad, ta'us garuu gatii gaarii kanan gurguradhe isa kana jechuun dubbata. Obbo Abdurraazzaq sangicha daldalaan loonii manatti dhufee tibba darbe qarshii 270,000tti akka iraa bite himuu gabaatti osoon gurgurra qarshii 350,000tti nan gurgura jechuun gatii rakasatti akka gurgurelleeb dubbata.

Maallaqa sangicha gurgureen mana ijaaruufi sangoota biroo bituun bakka buusee gabbisuuufi karoorfatee akka jirullee eereera. Dhumarrattis Obbo Abdurraazzaq Muhammad gatii gaariitti akka gurgunnuuf waajirri qannaan aanichaa waldaa tokko jalatti akka nu gurmaa'eessuuf fedhii qabnas jechuun dhaamaniiru.

Aanichi furdisa looniif mijataa tahuuraa kan ka'een hawaasni aanichaa jalqabarrraa aadaa loon kunnuunsuufi furdisuun kan qaban tahuu bulchaan aanichaa Obbo Muraad Ahmad himaniiru. Qonnaan bultooni lakkofsaan baayyee tahanis dhuunfaan loon gabbisuurarratti kan bobba'aniifi bu'a qabeessa tahaa akka jiranis dabaalaniiru. Hubanno dabalatee deeggarsi ogummaa gama ogeeyyi qonnaan waajirrichaatiin taasifamaafii akka jiruufi qonnaan bulaanis kaka'umsa olaanaa hojii furdisaarratti bobba'un fayyadamaa ta'a jiru.

Qonnaan bultooni kunneen sangaa isaanii kallatti gabaa gurguddoo geessuun gatii gaariitti akka gurguratan gochuun caalatti bu'a qabeessa taasisuufi hojjatamaa jira jedhan.

Maddi: WKAanichaati!



Dinagdee

Hizqi'el Tashoomaa

Magaalonni naannichaa pilaaniidhaan hoogganamanii bu'uura ce'umsa dinagdee akka ta'aniif hojjetamaa jira

Inistiitiyuutiin Pilaanii Magaalota Oromiyaa Magaalotaafi Giddu Galeessa Guddina Baadiyyaa (GGB) naannichaatiif pilaanii qulqullina qabu teeknoolojii ammayyaan deeggaramee qopheessuuifi humna raawwachiisummaasaanii cimsuun, magaaloni pilaaniidhaan hoogganamani imala badhaadhinaa akka mirkaneessan gochuuf Labsii Lakk. 213/2011n hundaa'ee.

Kaayyoon hundeeffama Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa Magaaloni giddu gala tajaajilaa, hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa ta'uudhan gahee bakka hinbuufamne qaban qixa sirriin bahachuun imala badhaadhinaa biyyaafi Naannoo Oromiyaa saffisiisuu, guddina dinagdee milkeessuuifi cehumsa teknoolojii mirkaneessuurratti shoora ol'aanaa akka bahatan gochuudha.

Magaalonni Pilaanii ammayya'an hoogganamuun daangaa bulchinsaafi qabeenya lafasaanii ifatti adda baasanii akka beekan taasisa. Akkasumas haala ammayyaa'aa ta'een itti fayyadama lafaa si'ataa taasisuuf sirna qabinsa ragaafi qabeenya lafaa lakka'uufi galmeessisuu dandeessisu diriirsuuf kan gargaaruudha.

Gama biraan cehumsi guddinaa, walitti hidhaminsifi qindoominni misooma magaalaaifi baadiyyaa akka saffisuufi haalan hogganamu kan taasisuudha.

Bu'uuruma kanaan iniistiitiyuutichi Waajjira Olaanaa dabalatee dameewwansaa arfan waliin qindoomuu magaloofati giddu galeessa guddina baadiyyaa (GGB) naannichaa keessa jiraniif pilaanii ammayyawaa gosa garaa garaa qopheesseera, qopheessuurrattis argama.

Gidduu galeessonni guddina baadiyyaafi magaaloni naannoo keenyaa bu'uurraraa pilaanii ammayya'an akka hoogganaman taasisuun hudhaalee guddina magaalotaa duubatti harkisan furuudhaan misoomaaifi guddina magaalotaa saffisiisuu magaaloni wiirtuu cehumsa teeknoolojii, giddugala gabaa, akkasumas investimantiifi tuurizimiif hawwataa ta'uun guddina ariifachisaa dinagdee industiriin durfamu akka mirkaneessan taasisuun egeree guddina magaalotaaf murteessaadha.

Walumaagalatti Inistiitiyuutiin Pilaanii Magaalota Oromiyaa pilaanii ammayyaa'aaifi qulqulluu qopheessuu, hordoffi raawwii pilaanii magaalotaafi kenna deeggarsa teeknikaa akkasumas humna raawwachistummaa ogeessotaafi gageessitoota magaalaa dabaluun iniistiitiyuutichi gidduu gala qo'annoofi qoranno akka ta'uuf xiyyeffannoo hojii kenne hojjechaa jiru keessatti qooda fudhatootafi hawaasni naannichaa qoodarrraa eeggamu akka bahachuu qabaatu.

Raawwii gurguddoo hojii ijoo bara 2016

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Inistiitiyuutichaa:

1. Pirojeektii Qorannoo Qophii Pilaanii Caasawaa:

Pilaanii Caasawwa gosoota pilaanii magaalotaaf qophaa'an keessati. Qorannoofi qo'annooon pilaanii kanaas dhimmoota ijoo haala teessuma lafaa, eegumsa naannoo, qilleensaafi kallattii guddina magaalotaa kan ofkeessatti hammateedha. Pilaanii caasawwa akkaataa ramaddii itti fayyadama lafa magalaatiin naannoo bu'uraaleen misoomaa itti babal'achuu qaban bakka mana jireenyaa, magariisa, bashannanaa, buufata geejiba, giddugala gabaafi industiriiratti xiyyefachuun kan qophaa'udha.

Inistiitiyuutiin Pilaanii Magaalota Oromiyaa bara hundeeffamarraa eegalee pilaanii garaa garaa qopheessaa kan jiru yoo ta'u, kana keessaa pilaanii Caasawaan isa ijoodha.

Bara 2016 keessa raawwii hanga ammaatti jiruun Pilaanii Caasawaa magaalota 4f (Jimmaa, Asalla, Sandaafaa Bakkefi Shanoo) hojjechuuf karoorfamee raawwiin hanga ji'a Amaggi bara 2016 giduugaleessan %55 irra gahee jira.

2. Pirojeektii Pilaanii Tarsiima'aa:

Pilaanii tarsiima'aa magaalaa meeshaa murteessaa pilaanii magala tokko bulchuuf hirmaannaan ummataa qixa sirrii ta'een qophiifi raawwii pilaanii magaalaa keessatti hojirraa akka oolu kan taasisuudha. Pilaanii tarsiima'aa bulchinsa pirojeektotaafi saxaxa magalaaf baay'ee murteessadha. Bara kana keessa Qorannoofi Qophii Pilaanii Tarsiimowaa Magaalota 8f qopheessuuf karoorfamee keessaa hanga Amajjitti bara kanaatti magaalota 10f kan gaggeffamee yoo ta'u raawwin hojii isaanis sadarkaa gara garaa irratti kan argamuufi giddugaleessaan 67.3% irra gaheera.

3. Pirojeektii Qophii Pilaanii Misooma Qe'ee Magaalootaa:

Pilaanii misooma qe'ee pilaanii caasawwaa ykn tarsiima'aa magalaaf qophaa'u hojirra oolchuuf jecha humnaafi haala yeroo gidduu galeessa godhatee kan qophaa'udha. Hojirra kan ooluu haalaafi turtii pilaanii caasawwaan ta'a. Pilaanii caasawwaa tokko pilaanii misooma qe'ee hedduu ofkeessatti qabaachuu danda'aa. Pilaanii caasawwaa ykn tarsiima'aa tokko pilaanii misooma qe'ee haala labsii pilaanii magalaatin gosa itti fayyadamaa lafafi olka'insa gamoo, daandii, bu'uuraalee misooma, sirna geejibaa, gurmaa'insa manneenii akaakuu qe'ee, naannoo magariisaafi bakka duwwaa, akkasumas haaromsuu, fooyyeessuufi deebisanii misoomsuu magalaafi dhimmoota naannoo kan biroo kan ofkeessatti haammatuudha.

Akkatuma kanaan, karoora Pilaanii Misooma Qee'ee (LDP) Bishoofuu - Har-sadee site, Eerer Site, Adaamaa, Awaash (Shaashamannee), Bulchannaa site(shaashamannee), Adoolaa Waayyuu hojjetamanii xumuramaniru. Bara 2016 keessa sadarkaa mana hojii ol'aanaafi dameewwanii 41 hojjechuuf karoorfamee keessaa hanga ji'a Amajjitti %65.8 irra qaqqabee tureera.

4. Qorannoofi Qophii Pilaanii Bu'uuraa(Basic Plan) Magaalotaa:

Pilaanii bu'uuraa magaalota xixiqqoo sadarkaa arffaifi shanaffaa ta'aniif wagga shanii hanga kudhanitti akka tajaajiluuf pilaanii qophaa'udha. Pilaanii kanas kanneen birooraa kan adda isa taasisuu humna namaa muraasaafi yeroo gabaaba keessatti qo'anno hawaas-dinagdee osoo hin barbaachisiin kan qophaa'uu ta'uusaati.

Kaayyoon qo'annoofi qophii pilaanii bu'uuraa magaaloonni xixiqqoon jalqabumarraa haala pilaanii ammayyaa'an hogganamuun guddina egeree isaanii qisaasama qabeenya malee akka mirkaneesan taasisuu dha. Pilaanii bu'uuraa akka pilaaniiwaan biroo tarreefama osoo hin barbaachisiin ofi isaan hojii iraa akka olu danda'uutti kan qophaa'udha. Akkasumas pilaanii bu'uuraa walitti hidhaminsafi qindoomina Magaalota xixiqqoofi gandoota baadiyyaa naannoo isaanii kan cimsuufi akka karooraan hogganamanii waliin misooman kan taasisuudha.

Yaadama kana bu'uura taasifachuun qorannoofi qophii pilaanii bu'uuraa (basic plan) magaalotaa bara baraan hojirra oolchaa adeemuuf hojjetamaa tureera. Bara 2016 kana keessa magaalota 60tti hojira oolchuuf kan yaadame yoota'u, hanga Amaggi/2016tti Pilaanii bu'uuraa magaalaa 34 hojjechuuf karoorfamee kan magaalota 34 raawwatameraa.

5.Qorannoofi Qophii Pilaanii Giddugaleessa Guddina Baadiyyaa:

Dinagdee qonnaan durfamuurraa gara dinagdee industiriindurfamuutticehuufimala biyyikeenya eegaltee milkeessuuf misoomni baadiyyaa teeknoolojii ammayya'an deeggaramee gama hundaan cimee akka itti fufuu gochuuf qonnaan bulaa deeggarsi ogummaa, dhiyeessi callaa guddistuufi oomishasaatiif gabaa dhiyeenyaatti akka argatuu taasisuuf bu'uuraalee misoomaa kanneen akka daandii, maneent barumsa, keellaa fayyaa namaafi beeyladaa, gidduu gala leenjii qonnaan bulaa, bishaan, sararaa bilbilaa, ibsa, giddu gala gabaa, intarpiraayizoota maayikiro xixiqqa, tajaajila waldaaleefi k.k.f haalaan diriirsuun barbaachiisa dha. Bu'uuraaleen misooma diriifaman kunneenis haala qindaawaafi karooraan hogganameen akka babbal'atan taasisuu kan gaafatuudha.

Caalbaasii

R/Himataan Obbo Balaayinah Asiraatamaariyaamifi R/Himatamtoonni Faanaayee Asiraatamaariyaam fa'aa N-3 jidduu falmii jiru ilaachisee manni dur Magaalaa Walisoo ganda Horaa keessatti argamu Lakk. manaa 04/255 kan ta'e ka'umsaa caalbaasii qarshii 1,249,952.00tiin gaafa 11/10/2016 sa'aattii 3:00 hanga 8:00tiitti caalbaasiidhaan waan gurguramuuf, namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan ka'uumsaa caalbaasiirraa ¼ CPOdhaan qabsiistanii mooraa manichaa keessatti argamuudhaan bitachu kan dandeesan ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Sh/Ki/Lixaa.

Caalbaasii

R/himataa Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa Kutaa Magaalaa Qirqoosii R/himatamaan Abdulhakiim Bulloo fa'aa gidduu falmii raawwachiisa murtii jiru ilaachisee qabeenyaa raawwiin himatamaa kanaa kan ta'e Gamoo abaa darbii lamaa G/Sh/Kibba Lixaa Aanaa Gooro Magaalaa Gooro keessatti kan argamu Lakk. Kaartaa isaa Bu/G/30/412 kan ta'e gatii caalmaa argameen gaafa 29/09/2016 sa'aattii 3:00 - 8:00tiitti caalbaasii akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan iddo qabeenyichi argamutti dhiyaattanii ka'uumsaa caalbaasiirraa CPO ¼^{ffaa} qabsiisuudhaan bitachu kan dandeesan ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/OI/G/Sh/Kibba Lixaa.

Caalbaasii

R/Himattuu Aadde Asteer Hayiluu fi R/Himatamaan Obbo Wubisheet Amdabirhaan jidduu falmii jiru ilaachisee qoodinsa mana jirenyaa Magaalaa Baatuu ganda malkaa waafiqoo keessatti argamu lafa 200M² irratti qubatee jiru ka'uumsa tilmaameen caalbaasii qarshii 1,088,399.42tiin gaafa 03/10/2016 sa'aattii 3:30 -- 7:30 irratti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan waraqaa eenyummaa keessan ibsuu qabattanii gatii ka'uumsaa caalbaasiirraa ¼ qabattanii iddo qabeenyi kun argamutti guyyaa fi sa'aattii olitti ibsameetti dhiyaattanii bitachu kan danddeesan ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa.

Obbo Abbooma Immiruu Aagaa Nagahee Lakk. isaa 0570152 kan ta'eefi Kaartaa Lakk. isaa S/01113/2011 kan ta'e maqaa Obbo Gabbisaa Zawudeetiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu ragaalee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, kaartaa kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Zalaalam Kabbadaa Nagahee Lakk. isaaa 1930736 ta'eefi 1122244 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Buttaa Katamaa Nagahee mirriitii iddo mani jirenyaa Lakk. isaa 2201587 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii qaamaan dhiyaatanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaalee kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojji 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuu akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaalee biraan hojjanne kan kenniuuf ta'uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojenne ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Sululta.

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Guraandhala 28 bara 2016 maxxanfamerratti shawaal jalatti beeksisa Aadde Dammituu Laggasaafaa baasifatan keessatti Kaartaa Lakk. isaa jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta'ee Nagahee mirriitii kan jedhuun bakka buufamee srratee haa dubbifamu.

Obbo Rattaa Dilinassaawu Rattaa Kaartaa Lakk. isaa L/S/24258/2002, Lakk. Galmee R-92 kan ta'een galmaa'ee kennameef mana galmee waajjira lafaa keessaa yerooodhaaf bakka jiruu argamuwaan hin dandeenyef, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Amiinaa Jamaal Nagahee Lakk. isaaa 1922706 ta'e Maqaa Obbo Kadiir Naasiriitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Obbo Magarsaa Abarraa Nagahee Lakk. isaaa 048699 ta'e Maqaa Obbo Miliyoon Asfaawuutiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Obbo Wandimmuu Birhaanuu Nagahee Lakk. isaa 175322, Lakk. Galmee W-978 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Hiruut Boggaalaa Nagahee Lakk. isaa 1500806, Lakk. Galmee H-736 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Abarraa Abaataa Nagahee Lakk. isaa 168416, Lakk. Galmee A-3014 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Shaayidaa Fiqlalam Nagahee Lakk. isaa 290607, Lakk. Galmee Sh-287 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Mariimaa Jamaal Nagahee Lakk. isaa 177437 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Aadde Sinqinesh Uquba Nagahee Lakk. isaa 495006, Lakk. Galmee S-1221 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Tafarraa Baqqalaa Mokonnin waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk. L/X/L/D/10200/012 fi Lakk. iddo CBA/117/2012 ta'eefi Nagahee Gibiraa maqaakootiin galmaa'e naaf kenname waan najalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaalee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyeessu. yoo hin dhiyaanne kaartaa haaraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhii

Obbo Tafarraa Baqqalaa Mokonnin waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk. L/X/L/D/6233/06 fi Lakk. iddo ERK/60/06 ta'eefi Nagahee Gibiraa maqaakootiin galmaa'e naaf kenname waan najalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaalee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyeessu. yoo hin dhiyaanne kaartaa haaraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhii

Maqaa Abbaa qabeenyaa Shimakkit Isheetee Baajaajii Lakk. Gabatee isaa 3-77476OR ta'e Lakk. Shaansii MD2A68CX3LWJ05890, Lakk. Motoraa BFYWLH02850 fi Lakk. Libree 000367106 kan ta'e Libreen waan jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni libiree kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15 keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisa, yeroo jedhame keessatti yoo gabaasu baattan iyyataaf Libiree kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Geejjibaa Kutaa Magaalaa Galaan.

Obbo Abdulkariim Ibroo Shiduu Nagahee Lakk. isaa 154858, Lakk. Galmee A-735 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

**1ffaa Obbo Abrahaam Sobboqaatiif
2ffaa Zakkaariyya Jaldutiif
Bakka Jirtanitti**

Himataan Daaksaa Dhugaasaafi Himatamtoonni isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan bektanii beellama gaafa 13/09/2016 sa'aattii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Aadde Sablawangeel Warqii Nagahee mirriiti iddo mana jirenya Lakk. 2186532 kan ta'e maqaa isaaniitiin bali'ina kaaree meetira 200M² galmaa'e kennameefi Lakk. Nagahee mirriiti 03520 kan ta'e maqaa Obbo Yasuuf Gabramadihinitiin bali'ina kaaree meetira 200M² galmaa'e kennameefi yeroo ammaa kana iddo tokkotti dabalamee maqaa Aadde Azeeb Asaffaa Margiyaatiin Lakk. koodii addaa cittuu lafaa OR033022502007 kaaree meetira 402.02 ta'e irratti galmaa'e jiru harka isaaniirraa waan jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniiru. kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafa kutaa Magaalaa Sulultaati akka dhiyaattan ta'ee, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjanne kan kenniuuf ta'u ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojenne ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sululta.

Aadde Masarat Darajjeifi Sisaay Zawudee Nagahee Lakk. isaaa 1926087 ta'e Maqaa Obbo Zawudee Baayisaatiin galmaa'e kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Obbo Afawarqi Xilaahuun Nagahee Lakk. isaa 1227716, Lakk. Galmee A-2668 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'e kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Gaaddisaa Birquutif

Obbo Haabtaamuu Mul'ataatiif

Bakka Jiranitti

Himataan Baankii Siinkee Damee Adaamaa fi Himatamtooni isin gidduu falmii himannaa siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellam dura himannaa isinirratti dhiyaate karaa kutaa ofiseera seeraatiin fudhattanii hayyamsiisa deebii ittisaa dhiyeffattan yoo qabaattan beellama gaafa 19/09/2016 sa'aatii 8:00 irratti akka dhiyeffattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e dhimmichi bakka isin hin jirretti ilaalamee murtii kan kennamuuf ta'u manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

Obbo Daawwiit Raggaasaatiif

Bakka Jiranitti

Himattooni Obbo Birruu, Buzu, Lammaa, Warquu, Aadde Asteer, Obbo Margaa, Obbo Tashoomaa, Obbo Tsaggayee fi Obbo Taayyee Baqqallaa fi himatamaa isin gidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee garagalchii himannaa isinirratti dhiyaate beellamaan dura karaa kutaa ofiseera seeraatiin fudhattanii deebii keessan barreefamaan qopheeffattanii beellama gaafa 13/09/2016 sa'aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Walmaraa.

Obbo Mitikuu Boggaaleetiif

Bakka Jiranitti

Himattuun Aadde Tsaday Dassalenyiifi waamamaa isin gidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 09/09/2016 sa'aatii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Daabee.

Obbo Akiliiluu Zawudeetiif

Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Tigisti Abdiisaafi Himatamaa isin gidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/09/2016 sa'aatii 8:00 irratti akka dhiyaattanii dhimma keessanif falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Jalduu.

5^{ffaa} Aadde Azaalech Baqqalaatiif

6^{ffaa} Aadde Maqidas Baqqalaatiif

Bakka Jirtanitti

Himattonni Zannabech Baqqalaa fa'aa N-2 fi Himatamummaa falmitti makamtooni isin 5ffaa fi 6ffan kun mana murtii kanatti falmitti akka makamtan waan jedhameef beellama gaafa 16/09/2016 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan dhiyeffattanii akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, yoo kan hin dhiyaanne ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Obbo Daamanaa Addisuutiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Fayyisaa Katamaafi Himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/09/2016 sa'aatii 5:00 irratti deebii keessan akka dhiyeffattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Jalduu.

Aadde Faareenee Garomsaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Dhaabbata Inshuraansii Itiyoophiyaa fi Himatamtuun isin gidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/09/2016 sa'aatii 4:30 irratti deebii keessan barreefamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, yoo kan hin dhiyaanne ta'e bakka isin hin jirretti dhimmichi kan ilaalamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Sh/Bahaa.

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Adaanaa Baldaa fi M/A/Idaa Daawwit Birhaanuu jidduu falmii waa'ee raawwachiisa murtii jiru ilaachisee mana jirenyaa G+0 qabeenyummaan isaa kan murtii abbaa idaa Daawwit Birhaanuu ta'e Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Daabee Aanaa Hangaatuu keessatti lafa kaaree meetira 99.91M² irratti qubatee jiru ka'uumsa caalbaasii qarshii 2,137,348tiin gaafa 22/10/2016 sa'aatii 3:00 --- 6:30tti caalbaasii Ifa ta'een akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Baha Oromiyaa.

Dagginaad Hayiluu Nagahee Lakk. isaaa 1115410 ta'e maqaa Tsahaay Hayiluutiin galmaa'e kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Muliyyee Abdalla Nagahee Lakk. isaaa 1124488 ta'e Maqaa Birriituu Takileetiin galmaa'e kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Burayyu.

Obbo Jibriil Madad Nagahee Lakk. isaa 033962, Lakk. Galmee J-204 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'e kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Maqaa Abbaa qabeenyaai Injineeriing Korophoreeshinii Oromiyaa konkolaataa pickup Lakk. Gabatee isaa 3-802954OR ta'e Lakk. Shaansii EABEAAEMD000253,Lakk. Motoraa 35060561 kan ta'e Gabateen waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee nuuf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni Gabatee kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15 keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksifna, yeroo jedhame keessatti yoo gabaasuu baattan iyyataaf Gabatee kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Geejjibaa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Saadiyyaa Raadiitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Bilaal Sirragaggaa fi Himatamittu isin gidduu falmii dhirsaafii niitummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/09/2016 sa'aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Iyyataan Obbo Darajje Toleeraa kaartaa mana jirenyaa Lakk. isaa T/B/2758/97 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhau yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta'e kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Tullu Boolloo.

Dhaabbata Daldala Orkiid Dhaabbata dhuunfaa

IGMurtaa'ee tiif

Bakka Jirtanitti

Himattooni Obbo Ayichee Massala, Obbo Eefireem Zallaqa, Aadde Tsaggee Adimaasu, Aadde Amdawarqi Isheeteefi Aadde Araggaash Damiseefi Himatamtaa isin gidduu falmii hojjataafi hojjachiisa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/09/2016 sa'aatii 4:30 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Sisaay Kormeetiif

Bakka Jirtanitti

Himattooni Aadde Galaanee Kormee fa'aa N-3 fi Himatamaa isin gidduu falmii Q/Q/Dh jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 16/09/2016 sa'aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Duukam

1^{ffaa} Gizaachoo Amanteetiif

2^{ffaa} Muluuqan Mazagabuutiif

3^{ffaa} Naziif Biyyaatiif

4^{ffaa} Amaan Mohaammadiitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Damee Tufaafi Himatamtoota isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/09/2016 sa'aatii 5:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Burayyu.

Aadde Saamiraawwit Taaddasaa Birruu Nagahe mirriitii iddo mana jirenyaa Lakk. isaa 2359689 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'e kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii qaamaan dhiyaatanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaati dhiyaachuu akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjanne kan kenniuuf ta'u ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojenne ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Sululta.



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuufi bulchuu: sakatta'insa seeraafi hojimaataa Naannoo Oromiyaa

(Kan darberra kan itti fufe)

Sakatta'insa heeraafi seerota biyya keessaa

Labsiilee Komishinii Naamusaaifi Farra
Malaammaltummaa hundeessan

Yakka malaammaltummaa ittisuun wal qabatee tarkaanfilee tarsiimawaan garaagaraa fudhatamaa kan ture yoo ta'u, tarkaanfilee kanneen keessaa inni tokko dhaabbata olaantummaadhaan ittisa yakkichaarratti hojjetu hundeessuudha. Itoophiyaan malaammaltummaa ittisuun wal qabatee Komishinii Naamusaaifi Farra Malaammaltummaa yeroo jalqabaatiif bara 2001 ALA tti hundeessitee jirti. Komishiniin kunis labsii hundeeffama Komishinii Naamusaaifi Farra Malaammaltummaa Itoophiyaa lakk. 235/2001 jedhuun hundaa'eera. Kuta seensa labsichaarraa akka hubatamutti barbaachisummaan hundeeffama Komishinii kanaa qaama olaantummaadhaan addatti yakka malaammaltummaa qoratuufi himatu hundeessuu, qaama yakka malaammaltummaafi naamusa baa to'atuufi ittu hundeessuufi ilaalcha naamusa gaarii babal'isuufi beeksisuu kan jedhudha. Kaayyoon Komishinichaas hubanno naamusa babal'isuun hawaasa yakka malaammaltummaa baachuu hin dandeenye uumuu, yakka malaammaltummaafi gocha baa ittisuun, yakka ittisuun, qorachuufi himachuun tajaajila amala badaarrraa bilisa ta'e mirkaneessuu, koodii naamusa aangawootaafi hojjetoota mootummaa akka qophaa'u deggeruufi raawwiisaa hordofuu kan jedhudha. Aangoofi gaheen hojji Komiishiinichaa ijoon: hubanno uumuu, hojimaata yakka malaammaltummaaf haala mijaa'aa uuman qorachuufi sirreffamni akka fudhatamu gochu, badii naamusa olaanaa mana hojji mootummaafi dhaabbilee misoomaa mootummaa keessatti hojjetaman qorachuu, yakkota malaammaltummaa dalagaman qorachuu ykn akka qorataman gochu, sakatta'insaifi to'anno qabeenya yakka waliin wal qabatan gochu, namoota yakka malaammatummaan shakkaman yeroo sa'aattii 48 hin caalleef to'achuu, laccoofsa herrega shakkamaa yakka malaammaltummaa qorachuufi akka uguramu gochu, qabeenya aangawootaafi hojjetoota mootummaa akka galmaa'u gochu, qabeenyi namoota yakka malaammaltummaan shakkamanii akka uguramu gochu, qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ajaja mana murtiin akka dhaalamu gochu, akka caalbaasiin ykn caalbaasiin ala mootummaaf galii akka tahu taasisuu, raga baatotaafi eertuu yakka malaammaltuummaaf eegumsa gochu kan jedhudha.

Labsiin jalqabaa kun yeroo waggaaf afuriin booda Labsii Komiishiinii Naamusaaifi Farra Malaammaltummaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 433/2005 bakka bu'ameera. Tumaa labsii kanaarraa akka hubatamutti raawwii hojji Komiishiinichaa qajeeltoo iftoominaafi itti gaafatamummaarratti bu'ureessuuf, bu'aqabeessummaa raawwii hojji Komiishiinichaa

fooyyessuuf, aangoofi gahee hojji Komishinii qixa seera yakkaa haaraa bara 2004 bahe waliin wal simsiisuuf, yakkota gurguddoo (grand corruption) irratti xiyyeefachuu, qindoomina komiishinii qaamolee biroo aangoo yakka qorachuufi himachuun qaban waliin mijeesuuf akka ta'e ibsameera. Yakka malaammaltummaa qorachuufi himachuun, qabeenya yakkichaan wal qabatu uggursiisuu, laccoofsa herrega Baankii shakkamaa sakatta'uufi akka ugguramu gochuun qabeenyi bu'aa malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya bu'aa sana gitu ajaja mana murtiin akka dhaalamu, kan dhaalamo caalbaasii ykn caalbaasiin ala mootummaaf galii akka tahu taasisuu wal qabatee aangoodhuma labsii duraan wal fakkatu komiishinichi kan qabu yoo ta'u, yakka malaammaltummaa qorachuufi himachuun wal qabatee qaamolee yakka qorachuufi himachuuf aangoon seera biroon kennameef bakka bu'ummaa akka kennuu danda'u labsiin haaraa kun tumeera.

Tumaaleen labsii kanaa yeroo turtii waggaaf ja'aa booda aangoo yakka malaammaltummaa dhaabbilee ummataatiin dalagaman qorachuufi himachuun dablatee sirreffama muraasa hammachuuf labsii komishinii naamusaafi farra malaammaltummaa lakk. 883/2007'n bakka bu'eera. Sochiin aangoofi gahee hojji Komishinii naamusaafi farra malaammaltummaa fooyyessuu ittuma fufuun komishiniin kun bara 2020 ALA bifa haaraan irra deebiin hundaa'eera. Labsiin hundeeffama komishinii kanaa labsii Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa lakk. 1236/2020 jedhamuun yoo moggaafamu labsiin haaraa kun aangoo yakka malaammaltummaa qorachuufi himachuun yeroo jalqabaatiif komishiniirraa mulqeera. Aangoon komiishinichaas hubanno uumuu, qoranno gaggeessuu, qabeenya galmeessisuu, sochii ittisa yakka malaammaltummaa sadarkaa biyyoollessatti hoogganuu fi kanneen biroo labsiilee kanaan dura tureen kennameefitti daanga'eera. 83 Sadarkaa naannootti labsiin komishinii naamusaafi farra malaammaltummaa Oromiyaa hundeessuuf yeroo duraaf bahuun kan beekkamu Labsii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa lakk. 71/2003 dha. Aangoon komishinii kanaas hubanno hawaasaa gabbisuu, yakka malaammaltummaafi hojimaata gaarii hin taane ittisuun, dambiiwan naamusa aanga'oota mootummaafi hojjetoota mootummaa akka qophaa'u gochuufi raawwiisaa hordofuu kan jedhudha. Labsiin kunlabsii biroo Labsii Komiishiinii Naamusaaifi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 198/2008n bakka bu'ameera. Labsiin haaraa kunis aangoo qorannaafi himannaayakka malaammaltummaa Komiishiinif kennee ture. Dhumarratti aangoon qorannaafi himannaayakka malaammaltummaa kan Komiishiinii kanaaf kennname labsiin Mana Hojji Abbaa Alangaa Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk. 214/2011n irra mulqamee Abbaa Alangaatiif

kennameera.

**Labsiilee Adeemsaa Addaafi Qajeeltoowwan
Fuudhinsaa fi Itti Fayyadama Ragaa**

Yakki malaammaltummaa yakkota biroorraa haala adda taheefi wal xaxaa ta'een kan raawwatamu ta'uusaatiin seera deemsaa falmii yakkaa idileetiin hogganuun hojji qorannoofi himannaayakkichaah bu'aqabeessa ta'uu kan dhorkudha. Kanumarraan kan ka'e yakka malaammaltummaa ittisuuf seerri deemsaa addaa bahuun barbaachisaa ta'eera.

Itoophiyaan yakka malaammaltummaa ittisuuf qorannoofi himannaafii dhagaha himaannaayakka malaammaltummaa ilaalchisee seera deemsaa falmii yakkaa idileetiin addatti yeroo jalqabaatiif bara 2001 ALA labsii adeemsaa addaa farra malaammaltummaafi qajeelfama ragaa lakk. 236/2001 raggaasiftee jirti. Labsiin kun dhorkaa qabeenya bu'aa malaammaltummaa, sirna muudama bulchaa qabeenya, sirna qabeenya saamsuufi tarree qabeenya qopheessuu, sirna qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaaluu, sirna dhagahaa himannaayakka duraa, seera ragaa, eegumsa raga-baatotaafi eeru kennitootaa kan hammatedha.

Tumaalee labsii kanaa keessatti hammatamanitti dhimma mirga wabiitiin wal qabatee tumaa biraabdaluuuf labsiin adeemsaa farra malaammaltummaafi qajeelfama ragaa fooyyessuu lakk. 239/2001 baheera. Bu'uura labsiin fooyya'e kanaatiin yakki malaammaltummaa guutummaatti mirga wabii kan mulqu ta'uusaatiifai ajajni qabinsaa, yeroo baallamaa, sakatta'insaifi ugurri qabeenya bu'aa malaammaltummaa mana murtiin dhimma ilaaluuf aangoo qabu qofaan kan kennamu ta'uusaat tumeera. Turtii yeroo waggaaf afuriibooda hiikkoo yakka malaammaltummaa fooyyessuuf, sirna bulchiinsa gaaffi mirga wabii shakkamaafi himatamaa fooyyessuuf, sirna ugurrii bulchiinsaafi dhaalmaa bu'aa qabeenya malaammaltummaa fooyyessuuf labsiilee dursa turaniifidhimma wal fakkataa bulchan haquudhaan labsiin haaraa deemsaa addaa farra malaammaltummaafi seera ragaa lakk. 434/2005 ragga'eera. Turtii yeroo waggaaf kudhaniin booda tumaaleen muraasni labsiin kanaa keessatti hammataman fooyyessun barbaachisaa ta'e argamuusaatiin labsiin deemsaa addaafi seera ragaa 882/2015 tumaalee fooyya'insa muraasa hammachuun ragga'eera. Akka waliigalaatti qabeenya bu'aa malaammaltummaa ugurruu, sirna muudama bulchaa qabeenya, himannaayakka malaammaltummaa, dhaalmaa qabeenya bu'aa malaammaltummaafi bulchiinsa qabeenya dhaalamo ilaalchisee tumaalee labsiilee deemsaa farra malaammaltummaafi seera ragaa keessatti jiran akka armaan gadiitti ilaalamaniiru.

Uggurrii qabeenya

Bu'uura labsiin sirna seera deemsaa addaafi ragaa farra **Gara fuula 3tti**

Dhiibbaawan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Kaansarii qaama saala dhiiraa, mallattoolee, yaalasaafi of eeggannoo taasifamuu qabu

Ragaan Dhabbata
Fayya Addunyaa
akka ibsutti
kaansariin garee dhukkuboota
guddaa kan qaama ykn
tishuuwan qaamaa kamuu
keessatti sababa seelonni
sirrii hin taane (abnormal
cells) to'annoodhaan ala
ba'anii guddachuu gara
kutaalee qaamaa birootti
daddarbanidha.

Dhukkubni kun akka addunyaatti sababa du'aati lubbuu namaatiif sadarkaa 2ffaa irratti kan argamu ta'uus ragichi ni eera. Dhukkubonni kun akaakuu hedduus ni qaba. Fakkeenyaa Dhukkuba kaanserii dhiigaa, kaanserii harmaa, kaanserii fiixee gadaameessaa, kaanserii mar'umaanii, kaanserii sammuufi kaanserii qaama saala dhiiraafi kanneen biroonis ni jiru.

Nutis, akaakuuwan kaanserii kanneen keessaa tokko kan ta'e 'Dhukkuba kaanserii qaama saala dhiiraa', mallattoolee, yaalasaafi of eeggannoo taasifamuu qaburratti fuula miidiyaa hawaasaa BBC Afaan Oromoora ragaa arganne fuula hawaasummaa keenya torban kanaatiin akka araan gadiitti qindeessinee isiniif dhiyeessineerra.

Lammiin Biraazil maanguddoo wagga 63 kan ta'an namni maqaansaanii Zhawoo jedhaman bara 2018 madaa qaama saalaasaaniirraatti arganirraa fayyuuf mana yaalaa akka dhaqantu ibsame. Ogeeyyiin fayyaa madaan qaama saalaasaarratti mul'ate gogaan qaamasaa bal'achuufi miidhaa al kallattii qorichi irraan gahe ta'u akka itti himedha kan dubbate. Dawaan fudhatullee madaan sun fayyuu hin dandeenye. Sababa madaa qaama saalaasaarratti bahe kanaan gaa'ellisaa jeeqamuu akka eegale dubbate namni kun. Sababnisaas, qaamni saalasaa waan madaa'eef haadha warraasaa waliin saalquunnamtii raawwachuu dadhabe. Maanguddoon kun maalummaa dhibee isa mudate kana baruuf tattaaffii cimsuun waggoota shaniif gorsa ogeeyyiif fayyaa hordofaa akka turaniifi qorichoota akaakuu garaagaraas akka fudhatanidha kan himame.

Maanguddoon kun bara 2023 kaansariin tuffee (penile cancer) isaan qabuu baran. Taateen kun maatii kootiif oduu gaddisiisaa ture. Qaama saalaa koorraa iddoon muramu jiraachuu dhageenyaan ni rifatan. Anillee qaama koo akkan dhabettan yaade jedhan. Dhukkubni kaansarii kun akka salphaatti namatti himachuuf na rakkise jedhan. Namoonni akka waanan quoosuutti yaadu malu" jedhan.



Kaansariin qaama saala dhiiraa yeroo baayyee kan mudatu miti. Garuu, lakkofsi namoota addunyaarratti dhibee kanaan qabamanii dabalaajira jedhameera. Lakkofsi namoota dhibichaan qabamanii ammoo baay'inaan Biraazil keessatti argamu. Dhiirota kuma 100 keessaa namoonni dhibee kanaaf saaxilaman 2.1 ta'u. Bara 2012 hanga 2022tti Biraazil keessatti dhiironni kumni 21 dhibee kanaan kan qabaman yammuu ta'u, isaan keessaa namoonni 4,000 yoo du'an 5500 ol tajaajila baqaqsanii yaaluun qaamnisaanii irraa murameera. Kutaa magaala Biraazil Maaraahoo jedhamutti dhukkubsattooni Kaansarii qaama saala dhiira hedduutu akka argamanidha kan ibsame. Bakka kanatti dhiironni carraan dhibee kanaan qabamuusaanii dhiirota kuma 100 keessaa 6.1 ta'a.

Mallatoon dhukkuba kana jalqaba madaa qaama saalaarratti mul'atudha.

Madaan qaama saalaarratti umamu sun yeroo dheeraaf kan turuufi foolii badaa qaba. Dhukkubni kun dafee yoo adda baafame carraan irraa fayyuu ni dabala. Yaaliwwan dhibee kanaaf taasifaman baqaqsanii wal'aanuufi yaala carallaa raadiyaashinii niiti.

Namni dhibee kanaan qabame atattamaan yoo hin yaalamne, qaama saala gartokkee ykn guutummaatti muruun dirqama ta'u danda'a. Qaama saalaatiin alattis, cidhaaniifi qaamoleen saala biroo muramu ni danda'u. Qaama saala Zhaaworraas sababuma kanaan gartokkeen irraa murameera. Kun wantan na mudata jedhee hin yaadnedha, yeroo nu qabes nama hundatti hin himnu" jedhan. Baqaqsanii yaalamuu nan sodaadhe. Garuu, filannoo biraan hin turre. Baqaqsanii wal'aanu booda torban jalqabaa muraasa gaddaan ture. Qaama saala ofi dhabuun waan suukaneessaadha," jedhan.

Giddugala Kaansarii Saa'oo Paawulootti argamutti ogeessi fayyaa qaama walhormaataa Tiyaagoo Kaamaloo Muruwa yoo qaamni saala gartokkeen qofti murame fincaa'uun ni danda'ama jedha jedha. "Qaamni saala dhiiraa yoo guutummaatti cite garuu, ujummoon fincaanii gara naannoo teessumaatti ni naanna'a. "Dhukkubsataan taa'ee fincaa'uuf dirqama," jechuun ibsu.

Sababoota dhukkuba kanaaf nama saaxilan keessaa muraasni gogaan fiixee qaama saala dhiiraa dadacha'uu diduufi tamboo xuuxuu fa'i.

Akka miseensi Waldaa 'Urology' Biraazil Morisiyo Dener Korderoo jedhutti, qulqullina naannoo qaama saala eeguu dhabuun sababoota dhukkuba kanaaf nama saaxilan keessaa isa tokko. Fiixee qaama saala dhiiraa sirnaan qulqulleessuu dhabuun sababa isa tokkodha. Kunis, baakteeriyaan kun akka babal'atuuf haala mijeessa," jechuudhaan ibsa.

Sababni biraan ammoo vaayirasiin 'HPV' qaama keessa jiraachuu isaati. Vaayirasiin kun Kaansarii qaama saalaatiin alattis kaansarii afaaniitiif nama saaxila. "Talaallii HPV argachuu barbaachisaadha. Biraaziliti talaallii kun jiraatus, lakkofsi namoota fudhatanii muraasa," jedha ogeessi kun. Dubartoota % 57fi dhiirota % 40 qofatu talaallii kana fudhata. Dhibee kana ittisuuf walgeettii talaallichaa % 90'n ga'uubarbachisa.

Akka ogeessi kun jedhutti, waa'ee talaallii kanaarratti ilaalcha dogongoraa jirurraa kan ka'e namoonni hedduun talaallii kana fudhachuu fedha hin qaban. Dhaabbanni fayyaa hawaasaa 'JMIR' jedhamu barruu bara 2022 baaseen biyyoota 43 keessatti baay'ina kaansarii qaama saala dhiiraa kana xiinxaleera. Bara 2008 hanga 2012tti biyyi dhibee kanaaf saaxilamuun sadarkaa jalqabaarrar turte Yugaandaa akka taate eereera. Dhiirota kuma 100 keessaa % 2.2 kan ta'antu dhibee kanaaf saaxilame.

Biraazil 2.1'n lammaffaa yoo taatu, Taayilaandi ammoo dhibbentaa 1.4'n sadarkaa sadaffaa qabattee turte. Kuweet ammoo % 0.1n tarree kana keessatti hammamatteetti. Akka Lewin Fu fi Tiyan Tiyan kan qoranno kana hoogganan jedhanitti, dhukkubni kun adda durummaan biyyoota guddachaa jiran keessatti babal'achaa jiraatus, Awurooppaattis dhibieen kun mul'achaa jira.

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!



Oduu

Ijaarsi Zoonii Dinagdee Addaa Gadaa . . .

eeraniru.

Industiriwwan keenya carraa hojii bal'inaan uumuu, dinagdee biyyaa bu'uura amansiisaarra dhaabuufi al-ergiin dinagdee keenya dandamachiisuun badhaadhina biyyaa kan dhugoomsu ta'uu kan ibsan Dr. Abiyyi, Yeroo muraasa booda deebinee dhugoomuusaa labsuu qabnas jedhan.

Gaggeessitooni hojiiwwan muraasa hojjechuun quufuu keessaan bahuun hojiin olaanaan isaan eeggatu fuulasaanii dura jiraachuu beektanii bu'aa caaluuf ofqopheessuu akka qaban kan dhaaman Ministerri Muummee FDRI Dr. Abiyyi, biyya keenya keessatti hojiiwwan hojjetamuu qaban baay'ee waan ta'aniif of qopheessuutu isinirra jiraatas jedhan.

Pirezidaantiin Mootummaa Naanno

Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisa gamasaaniitiin inisheetiviiwwan jiruufi jirenya ummata keenya jijiiran hedduun hojjetamaa jiraachuu eeranii, hawaasa keenya qabatamaan dinagdeesaa fooyyeessuuf hojiiwwan jalqabaman cimanii itti fufu jedhan.

Industrii babal'isuudhaan ogummaan akka babal'atu, interpiranaroonni akka uumaman taasisuu, abbootii qabeenyaa keessaafi alaa jajjabeessuun dammaqinaan akka hirmaataniif hojjetamaa jiraachuuus ibsaniru. Zooniin Dinagdee Addaa Kunis iddo itti cehumsi biyyaa dhugoomuufi ummanni keenya dinagdee itti horatu waan ta'eef carraa myaawaa uumame kanatti sirnaan itti fayyadamuu qabnas jedhan

Daarektarri Olaanaan Zoonii Dinagdee Addaa Gadaa Obbo Mootummaa Tamasgeen rifoormiwwan dinagdee damaneessa mootummaan baase bu'aa buusaa jiraachuu eeruun, Zooniin Addaa Gadaa kunis bakka itti dinagdee horannu qofa osoohintaane, beekumsaafi muuxannoollee itti argannudha jedhan.

Hojiin misoomasaatiis boqonnaawwan adda addaa afur kan qabu ta'ee lafa heektaara kuma 24 irratti Dhaabbata Mootummaa Chaayinaa CCECC tiin kan ijaaramu yommuu ta'u carraa hojii namoota 335,475 oliif kan uumudha.

Kilaastaroota industrii adda addaafis lafti adda baafamee abbootiin qabeenyaa 21 kaappitaala bil. 120 galmeessisan waliin hojitti seenamaa jiras jedhan.

Aanichatti ji'oottan . . .

idilee qarshii miliyoona 82fi kuma 911 fi 298 sassaabuuf karoorfamee hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, ji'oottan kurnan darbanitti qarshii miliyoona 52fi kuma 990fi 779.83 kan saassbame ta'uu fi galii mana Qopheessaa magaalaa Haroo Sabbuufi Beellam qarshii miliyoona 16fi kuma 364fi 023 sassaabuuf karoorfamee qarshiin miliyoona 17fi kuma 177fi 178.83 sassaabamuu Itti gaafatamaan Waajjira Galii aanichaa Obbo Iddosaa Shantaa himaniiru.

Akka waliigalaatti bara kana galii idileefi Mana Qopheessaa walumatti qarshii miliyoona 99fi 275,321 walitti qabuuf karoorfamee hojjetamaa jiru keessaan hanga ammaatti miliyonni 70fi kuma 167fi 958.04 (70%) sassaabameera jedhan.

Galiin sassaabame kan bara darbee yeroo walfakkaataan walbiria qabamee yoo ilaalamu harka 28%'n caalmaa qabaachuufi hojichis qindoomina hoggansaafi ogeeyyii waajjirichaan hojjetamuu himaniiru.

Galii barbaadamu yeroon kaffaluun mirga qofa osoohintaane dirqama lammii hundaa waan ta'eef hawaasnis galiifi gibira isarrraa barbaadamu yeroon kaffaluun misoomaaf oolchuu qabas jedhan.

Naanno Oromiyaatti Pirojeektoonni . . .

eebbaaf qophaa'uun himameera.

Pirojeektoonni xumuraman kunis marsaa lamaan ji'a Waxabajjiifi Adoolessaa keessa kan eebbifaman yemmuu ta'u, hawaasa miiliyoona 35 fi kuma 600fi kuma 27fi dhibba 6fi 10 fayyadamaa ni taasisus jedhameera.

Pirezidaantiin Itti Aanaan Mootummaa

Magaalichatti kenninsi . . .

Naanno Oromiyaa komiifi gaaffii uummanni kenninsa tajaajilaarratti qabu furuuf kallattii kaa'ee caasaasaa sadarkaan jiran waliin hojjetaa jira. Kanuma bu'uura godhachuu Bulchinsi Magaalaa Jimmaa kenna tajaajila iddo tokkoo itti fufinsa qabu diriisuu hojjechuu eegaleera.

Kantiibaan Bulchinsa Magaalaa Jimmaa Obbo Xahaa Qamar hojimaata kana lafa qabsiisuuf, gaggeessitoota seekteroota guguddoo abbaan dhimmaa itti baay'atu iddo

tokkotti walitti qabuun komiifi gaaffii uummanni yeroo dheeraaf kaasaa ture deebisuuf kenninsa tajaajilaa iddo tokkoo kennuu eegaluu himaniiru.

Kenninsi tajaajilaa iddo tokkoo kunis deddeebii abbaa dhimmaa hir'isuuf, tajaajilaa saffisaa kenuuf, murteefi tajaajila haqa qabeessa hawaasaaf kenuuf akka fayyadu ibsameera.

Hooggantoonniifi hojjettoonni mootummaa guyyaa hundumaa jedhameera.

ummata tajaajiluun akkuma jirutti ta'ee, seekteroonni akka Investmentii, Lafa, Mana Qopheessaa, Waajjira kantiibaa, Galii, Daldalaafi kkf torbanitti guyyaa Jimaataa kantiibaa waliin iddo tokkotti hawaasa akka tajaajilaniif xiyyeffannoong kennamee hojjetamaa jira.

Magaalichatti kenninsi tajaajila iddo tokkoo kun torbanitti guyyaa Jimaataa itti fufinsa ni kennamas jedhameera.

gorannoon mirkaneessuun baay'isaa ture keessaan gosa boqqollo BH-661 qonnaan bultootaa biratti baay'isuuf karoorfatee hojjetaa jiras jedhan.

Kaayyoo kana galmaan gahuuf rakkoo hanqina sanyii filatamaa furuufi fedhi sanyii filatamaa qonnaan bultootaa guutuuf sanyiwwan haaraa qorannoon argateefi qilleensa naanno walii walbarsiisuun bara kana baay'isaa ture yeroo ammaa qonnaan bultootaaaf raabsaa jira jedhan.

Hanqina sanyii filatamaa garaa garaa furuuf gosa boqqollo "BH-661" kuntaala 75, ruuzii sanyii filatamaa Cawwaqaa kuntaala 50, Daaguzaa gosa Boonayaafi Baakkoo Kuntaala 09, Akuratarifi Nyaata beeyladaa qonnaan bultootaaaf raabsaa jiraachuu himuun gara fuulduraattis teekinoolojiwwan haaraa fayyadummaa

qonnaan bultoota naannichaa mirkaneessu danda'an irratti xiyyeffannaan kan hojjetan ta'uus yaadachisaniiru.

Qonnaan bultoonni giddugalicharraa sanyii fulatamaa argatan tokko tokko akka jedhanitti sanyiin argatan oomishtummaa isaanii kan fooyyessuufi hanqina sanyii filatamaa kan fureef ta'uus dubbatiiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yerooodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Albarti Inistaayiniifi kalaqawwansaa

Addunyaa kanarratti namoonni sammuu cimaafi dandeetti addaa uumaan kenneti tattaaffisaanii dabaluun bu'aa dhaloota egereef ta'u buusani darban akka jiran seenaan dhugaa baha. Albarti Enistaayiinis namoota sammuu baa'ye qarome qabaniin dhalootaaf bu'aa olaanoo gumaachanii darban keessaa tokko kan ta'edha. Enistaayin amaloota addaa akka qabus ni himama.

Nutis, waa'eedhumaa hayyuu kanaarratti BBC'n Afaan Oromoo fuula miidya hawaasaasaarratti kan maxxanserraa ragaa arganne akkaataa itti aanutti dhiyeessineerra.

Albarti Enistaayin akkamitti anniisaa atoomii keessaa cuunfuu akka dandeenyu nama nu barsiisedha. Tarii namni kun sammuu xiqqoo qabnu kana keessaa akkamitti waan bu'aa buusu tokko yookaan lama baasuu akka dandeenyu nu barsiisu danda'a ta'a. Kanaaf, ammoo haala rafitii, nyaataafi filannoo uffannaasaa beekuun nu gargaaruu mala jechuunidha BBC'n fuula miidya hawaasaarratti kan maxxanse. Isaan kanas, akkaataa armaan gadiitti haa ilaallu.

Hirriba sa'atii 10fi sillimii sekoondii tokko

Rafuun sammuu namaaf gaarii ta'uusaa hundumti keenyayyu ni beekna. Inistaayiinis guyyaatti yoo xiqaate sa'atii 10'f rafuudhaan namoota hedduu caalaatti gorsa fayyaa kana hojiirra nama oolchedha.

Seenaa dhala nama keessatti kalaqoota Albarti Inistaayin jijiirama gurguddoo fidan kan akka Gabatee Piredikii, Caasaa DNAfi yaadrimee ispeeshaal rileetiivitii (Special relativity theory) yoo fudhanne, hundisaaniyyuu kan argaman yeroo namnni kun rafu ta'uun beekameera. Keessattuu, dhumarra kan jiru kan yaadrimee abjuu keessaa loon elektriikii yeroo ajeefaman arge ture. Haa ta'u, malee, kun dhugaa ta'u ni danda'aa laata?

Bara 2004 keessa, hayyooni saayinsii kan Yuuniversiitii Luubeek biyya Jarmanii yaada kana qorachuun, namoonni sirriitti rafan namoota hir'iba gahaa hin arganne harka lama caalaa yaadota gurguddoo burqisiisuu akka danda'an eeraniiru.

Icciiitii biroo hirribni qabu

Yeroo rafnu sammuin keenya turtii daqiqaa 90 hanga 120 keessatti hirriba salphaa, hirriba cimaafi hirriba abjuu afaan saayinsiin 'Rapid Eye Movement/REM' jedhamu gidduu jijiirama. Kunis, dandeetti waa baruufi yaadachuu sammuutif gumaacha guddaa qaba jedhamee yaadama.

Wayita hirriba REM hin taane rafnu sammuin sochii baay'ee ariifata 'Ispiindil Iventi'(spindle



events) jedhamu keessa seena. Sochiin sammuu kun qarooma sammuu kan rakkolee furuuf nama dandeessisu waan haaraa ta'e tokko bira ga'uuf yaada qajeelaa akka qabaannu nu gargaaruufi waan tokko dafnee akka barru kan nu taasisudha. Enistaayin muuxannoo akkanaa baay'ee akka qabu beekamadha.

'Ispiindil Ivantiin' tokko umurii sekondii murasaa kan qabu yoo ta'u, rafitiin halkan tokko sochiwwan akkanaa kumaatamaan lakkaa'amana of keessaa qaba. Kana jechuun, hammuma sa'atii dheeraaf rafnu sammuin sochii 'Ispiindil Ivantiis' kana hedduu raawwata jechuudha. Kun garuu, namoonni Ispindil Ivantii baay'ee qaban hundi qaroomina sammuu guddaa qabu jechu miti. Kun qarooma sammuu gosa biraa kan akka dandeetti waa yaadachuu, herreegaafi odeeoffanno addaa addaa beekuu waliin hidhata hin qabu. Kun kallattiidhaan kan inni irratti xiyyeffatu dandeetti waa tokko qajeeltoon xiinxaluu irratti qofa jedha Foogel, Yuuniversiitii Otaawaatti ogeessa niiwuroosaayinsii kan ta'e.

Kunis ilaalcha Enistaayin barnoota idileef qabu fi gorsa inni namaaf kenu waliin baay'ee wal simata.

Gorsi Inistaayin kunis, waan deebitee dubbiftee hubachuu dandeessu sammuutti qabchuuf of hin dhiphisin' kan jedhuudha. Qaroomni sammuu kallattiin Ispindil Ivantiin wal-haa qabatu malee, dubartoonaaf rafitiin halkanii, dhiirotaaf ammoo sillimiin guyyaa sammuin akka gabbatu

gumaacha akka qabus qoranno tokko mul'iseera. Inistaayin ammoo amalasaa keessatti dhaabataadhaan sekondii tokkoof qofa sillimii fudhachuu jaallata. Kanaafis fal'aana sibiila harka isaatti qabatee barcumaa isaarra gar tokkotti hirkatee taa'a.

Kallatti harkasaa fal'aana qabatee jiruu lafa irra shaanii sibiila kaa'un yeroo inni sillim jedhee fallanni shaanii irratti kufu, sagalee uumamuun akka damaquu danda'uuf jecha.

Wantoota Albart Inistaayin irraa barachuu dandeenyu

- Deemsa miilaa guyya guyyaa gochuu

Akka Albart Inistaayin jedhutti deemsi miilaa waan barbaachisaafi hafuu hin qabnedha. Yeroo Yuuniversiitii Niwu Jeersi turetti dhaqaa galatti maayilii tokkoof walakkaa guyya guyyaan deema ture. Sabanisaas, deemsi miila dheereffanna sammuu ni qaroomsa, qajeeltootti akka yaadnus nu gurgaara jedha Inistaayin.

Kana gochuudhaan namoota akka Daarwiin kan yeroo hundumaa utuu hin nuffin guyyaa guyyaan daqiqaa 45 yeroo 3 miilaan deeman hordofusaati. Kanas kan godhaniif, fayyaasaanitii yookaan jabina qaamaaf jedhanii hin turre, deemsi miila diriirfanna dandeetti waa yaadachuu, waa uumuu keessa namaatti waan gabbisuufi namoonni dandeetti rakkoo furuu akka qabaatan waan taasisuuf ture.

- Paastaa yookin Ispaageetii nyaachuu

Namoonni sammuunsaanii qaroo ta'e maal nyaatu? Ykn sooratu? Sammuu nama haalaan gabbisa jedhamee nyaati himamu yoo hin jiraannes, sammuu ajaa'ibsiisa kan Inistaayin kan akkas godhe paastaa nyaachuu dha jedhama. Inistaayin yeroo tokko akka qoosaatti, waa'ee Itaalii wantan jaaladhu yoo jiraate 'Ispaageetii' fi hayyuu herregaa 'Leevii-Siviitaa' jedhamu jechuun dubateera. Nutis egaa kanuma fudhanna jechuudha.

Sammuin nama keessa sammuin qabu dhibbeentaa 2 qofa yeroo ta'u, nyaata humna kenu kaalorii qaamni nama fayyadamu keessa hanga dhibbeenta 20 fudhachuu ammoo tokkoffaa ta'uunsaa beekamaadha. Ulfinni sammuin nama giddugaleessaan giraamii 1,400 yeroo ta'u, kan Inistaayin garuu giraamii 1,230 qofa akka ta'edha kan ibsame.

"Nyaati Sukkaara yookaan kaarboohayidireetii of keessa qabu sammuin ni gabbisa. Kaarboohayidireetii hanga giraamii 25tti argachuun qaamni keenya sirriitti akka hojjetu kan gargaaru yeoo ta'u, yoo kun dachaa ta'e garuu dandeetti yaaduu sammuin nama ni hir'isa" jedha Leey Giibsoon, Yuuniversiitii Rohamptonitti, barsiisa qor-sammuin kan ta'e.

Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalam!

Obbo Geetaahuun Isheetuutiiif**Bakka jirtanitti**

Himattuu Aadde Itmollaanyi Cabariifi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee Himatamaa kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 15/09/2016 sa'atii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan, yoo kan hin dhiyaanne ta'e bakka isin hin jirretti ilaalamae murtii kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

Obbo Eefirem Waaseetiif**Bakka jiranitti**

Himatamaan Interpiraayizii Daandiiwwan kaffaltii itiyoophiyaafi himatamaa sin gidduu falmii qabeenya jiru ilaachisee, mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama 19/09/2016 sa'atii 8:00 irratti akka dhiyaattan ta'ee, kan hin dhiyaanne, yoo ta'ee dhimmi keessan bakka isin hin jirretti kan ilaalamee murtaa'u ta'uumann murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magalaa Galaan

Obbo Habtoom Nagaasaatiif**Bakka Jiranitti**

Himatamaan Interpiraayizii Daandiiwwan kaffaltii itiyoophiyaafi himatamaa sin gidduu falmii qabeenya jiru ilaachisee, mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama 19/09/2016 sa'atii 8:00 irratti akka dhiyaattan ta'ee, kan hin dhiyaanne, yoo ta'ee dhimmi keessan bakka isin hin jirretti kan ilaalamee murtaa'u ta'uumann murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa magaalaa Galaan

Aadde Birhaanee Alaarootiif**Bakka jirtanitti**

Iyyataan Obbo Tamsgeen Addeefi waamamatuu isin jidduu falmii dhiraafii niitummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 14/09/2016 sa'atii 3:30 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Dambalaa.

Wallagga**Caalbaasii yeroo 2^{ftaa}**

Raawwii himataa Baankii Siinqee Damee Gudayyaa Biilaafi raawwiin himatamtoota waldaa shariika Laliseefi Lammii gidduu falmii raawwii jiru ilaachisee manni jirenyaa Aanaa Gudayyaa Biilaa magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu qabeenyummaansaa maqaa raawwiin himatamaa 2^{ftaa} Gammachuu Aagasaatiin galmaa'e jiru ballinnisa M² 200 ta'e caalbaasii marsaa 2^{ftaa}n gaafa 11/10/2016 ganama sa'aa 4:30 irraa hanga sa'aa 6:30tti caalbaasii ifaa ta'een dorgomsifamee gatii olaanaa argameen waan gurguramuf namni /qaamni mana jirenya kana bitachuu barbaaddan hundi guyyaafi sa'aa caqasame kanatti bakkichatti argamuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murti olaanaa GO/W/Bahaa ajajeera. M/M/O/Go/Wallagga Bahaa.

Bakka Bu'aa 1 Obbo Amaan Katamaa, 2, Itaalam Phaawuloos, 3, Tigisti Isaayaas Sidaanaa guddiftuufi bulchituu daa'ima Siyaadeen Nagaasaa kan ta'an Obbo Qanna Galataa Ergee kan jedhaman mana daldalaa Magaalaa D/Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 15849/WL/2015 kan ta'e bali'inni isaa kaaree meetira 165M² irratti maqaa Obbo Amaan Katamaafi Tigisti Isaayaas Sidaanaa guddiftuufi bulchituu daa'ima Siyaadeen Nagaasaatiin galmaa'e kan beekamu Obbo Caalaa Qanna Galataatti waan gurguratanii jijiirran maqaa gara bitataatti akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Nugusee Kaakkaa Duumessoo mana Jirenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK01/282/2015 ta'e bali'ina lafaa 400M² ta'e irratti argamu dabarsanii Obbo Barrihuun Hirkasaa Dhinsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Haabtaamu Birhaanuu fi Addisee Moosisaa mana Magaalaa Ulaa Baabuu ganda 01keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa -- ta'e dabarsanii Naadoo Balaay fi Misgaanee Baabuutti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee

Obbo Birhaanuu Qana'aa mana jirenyaa Magaalaa H/Sabbuu ganda 01keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 2191/LMHS/2016 ta'e bali'inni isaa kaaree meetira 251.25M² irratti argamu dabarsanii Obbo Tsaggaa Baqqalaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Aadde Qalmawaa Galaanaatiif**Bakka Jirtanitti**

Iyyataan Obbo Tasfaayee Ittafaafi waamamatuu isin gidduu waa'ee murtii badiinsaa jiru ilaachisee iyyanno murtii badiinsaa mana murtii kanatti isinratti banamee waan jiruuf beellama gaafa 08/09/2016 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, dhiyaachuu baannaan bakka isin hin jirretti dhimmichi kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Magaalaa Naqamtee.

Obbo Geetinnat Abdiisaatiif**Bakka Jirtanitti**

Iyyataan Bantii Geetinnatiifi waamamaa isin gidduu waa'ee murtii badiinsaa jiru ilaachisee iyyanno murtii badiinsaa mana murtii kanatti isinratti banamee waan jiruuf beellama gaafa 09/09/2016 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, dhiyaachuu baannaan bakka isin hin jirretti dhimmichi kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Magaalaa Naqamtee.

Obbo Tsaggaa Managashaa Dhabasu fi Aadde Haannaa Mokonnin Ayyaanaa mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa Gimbi/3066/2004 kan ta'e bali'inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Adimaasuu Dabalaa Gamataatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo Takkaallinyi Beekamaa mana jirenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa MJ/1210/2014 kan ta'e ballinni isaa 400M² ta'e Aadde Suufiyaa Yaadataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Obbo Falmataa Lataatiif**Bakka Jirtanitti**

Himataan Xilaahuun Tasfaayeefi waamamaa isin gidduu falmii beenyaa qabeenya jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 16/09/2016 sa'atii 4:00 irratti deebii keessan qabattanii dhiyaattanii mirga keessaniiif akka falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e mirgi deebii kennachuu keessan kan bira darbamuu ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Wallagga Bahaa.

Obbo Hayilee Biraanee mana jirenyaa Magaalaa Innaangoo ganda 02 keessaa qaban Lakk. isaa 0052 kan ta'e Aadde Hewwaan Tasfaayeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo.

Obbo Burqaa Sirneessaa Asfawuu mana jirenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 400M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/01/337/2016 ta'e Obbo Kinffu Ligaabaa Kumsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Aadde Haannaa Malaakuu Gammachuu jirenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 500m² irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/389/2016 ta'e Obbo Lalisa Adimaasuu Buraayyuuti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Tasfaa Dubbalaa mana daldalaa Magaalaa Qeebbee ganda Guddattuu Qeebbee keessaa qaban bal'ina lafaa 50M² irratti argamu lakk. kaartaa isaa 342/LMQ/16 ta'e mucaa isaanii Biiniyaam Tasfaaf kennanii maqaa jijiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee.

Iyyattuu Aadde Iteenash Foggii mana jirenyaa Lakk. isaa 0062 ta'e maqaa obbo Jaallataa Hundeessaatiin galmaa'e argamuif mana daldaalaa lakk. isaa 0054 ta'e bali'inni isaa 100M² irratti maqaa Aadde Simmanyi Ayyaanaatiin Magaalaa Qeebbee ganda Guddattuu Qeebbee keessatti galmaa'e beekamu namoonni kun waan du'aniif qabeenyaan kun naaf qoodamuusa manni murtii waan naaf mirkaneesee gara maqaakootti naaf haa jijiiramu jedhanaiiru kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

Obbo Suleeman Nuuruu Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'e jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu Obbo Habtaamu Yaadataatti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Aadde Taaddaluu Mokonniin Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'e jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu Aadde Jijee Magarsaatti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Tamasgeen Daggafaa Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'e jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu B/stuu Ajabee Xirsamaatti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Aadde Fitsum Damis Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'e jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu B/saa Yoosef Bulchaatti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Idiris Kadir Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'e jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu Aadde Gaaddisee Addisutti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Afiz Faaris Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'ee jiru lakk. kaartaa isaa 24/BMD/2001 lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu Obbo Charinnat Moggositti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Ittafaa Guddinaa Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'ee jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu Obbo Ittaanaa Iddoosaatti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Abbabaa Daammanaa Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'ee jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu Obbo Taarikuu Baluudeetti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Getaachoo Zawuduu Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'ee jiru lafa bal'inni isaa 100m² ta'e irratti ijaaramee argamu Obbo Rufaa'eel Bantiitti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Tsaggayee Nagarrii Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'ee jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu Obbo Habtaamuu Xooneetti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Gammachuu Beekaa Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'ee jiru lafa bal'inni isaa 200m² ta'e irratti ijaaramee argamu Aadde Galataa Tashoomaatti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Aadde Dammaquu Ragaasaa Aanaa S/Noolee Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa'ee jiru lafa bal'inni isaa 400m² ta'e irratti ijaaramee argamu Obbo Daawwii Ingidaatti gurguradheen jiraa jijiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijiirran maqaa kun kan raawwatamu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Bakka Bu'a Aadde Roozaa Tolasaan kan ta'an Obbo Girmaa Abarraa kan jedhaman mana jirenyaa magaalaa D/Dolloo ganda Laaftoo keessatti maqaa Aadde Roozaa Tolosaatiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 7483/WMM/2000 ta'e bali'inni lafa isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Ayyaanaa Birhaanuutti waan gurguratanifi maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka Bu'a Waldaa Amantaa Beetel Makkaana Yesuus Tuulamaa kan ta'an Obbo Solomoon Afidoo kan jedhaman mana jirenyaa magaalaa D/Dolloo ganda Biiftuu keessatti maqaa Amantaa Beetel Makkaana Yesuus Magaalaa D/Doolootiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 891/B/L/96 ta'e bali'inni lafa isaa karee meetira 8377.5M² irratti argamu badee waan jiruuf kan biraa akka bakka buufamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka Bu'a Obbo Eebbisaa Nagawoo fi Aadde Caaltuu Yoonaas kan ta'an Obbo Habtee Bazzuu Takilee kan jedhaman mana jirenyaa magaalaa D/Dolloo ganda Laaftoo keessatti maqaa Obbo Eebbisaa Nagawootiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 14243/WL/15 ta'e bali'inni lafa isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Abdiisa Tafarii Daqaatti waan gurguratanifi maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Aadde Birriituu Karorsaa, dinqaa Ayyaanaa Dhugumaafi Abdataa Ayyaanaa Dhugumaa dhaaltummaan Abbaa warraafi Abbaa isaanii karaa mana murtiitiin waan mirkaneeffataniif mana jirenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01 keessatti argamu lakk. Manaa haaraan 01-0600 lakk. Kaartaa 971/2007 ta'e maqaa Obbo Ayyaanaa Dhugumaa Giddutiin galmaa'ee jiru maqaa keenyatti nuuf haa jijiiramu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu jijiirraa maqaa kana osoo hin raawwatini dura kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate jijiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Aadde Ijiigaayyoo Geetahuun Irraanaa mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 04 keessatti argamu lakk. Manaa haaraa....lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 4739/2016 ta'e Obbo Badhaasaa Abdataa Riqitutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Aadde Jaallannee Dhaabaa Qoxee mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 04 keessatti argamu lakk. Manaa haaraa....lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 4909/2016 ta'e Obbo Fiqiruu Gammachu Horaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Aadde Boontuu Malkaamuu Qubeessaa mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 01 keessatti argamu lakk. Manaa haaraa 01-1129 lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 2567/2010 ta'e Obbo Daawwit Mijaana Ittafaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Obbo Abrhaam Maajor Hiika mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 043keessatti argamu lakk. Manaa haaraa....lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 2733/2010 ta'e Aadde Darajjee Gaariitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Obbo Birhaanamasqal Fissahaa Konee mana daldala magaalaa Najjoo ganda 03 keessatti argamu lakk. Manaa haaraa....lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 144/2005/IMM ta'e karee bakka bu'a isaanii Obbo Gammachis Hambisaa Bacarraatiin Obbo Darajjee Taayyee Birhaanuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Aadde Tigist Tasammaa fi Ibsaa Guutamaafaa N-2 dhaaltummaa isaanii karaa mana murtiitiin waan mirkaneeffataniif mana jirenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessatti argamu lakk. Manaa haaraan --- lakk. Kaartaa 1640/2008 ta'e maqaa Obbo Guutamaa Sobooqaatiin galmaa'ee jiru maqaa keenyatti nuuf haa jijiiramu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu jijiirraa maqaa kana osoo hin raawwatini dura kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate jijiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Aadde Kuulanii Tolosaa Ambayyaa mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu lakk. Manaa haaraa 02-2492 lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 2000/2009 ta'e Aadde Indiyaa Musxafaa Sirajitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Obbo Asafaa Balaay Simmaany mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu lakk. Manaa haaraa ... lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 4931/2016 ta'e Aadde Haanaa Daawit Balaayitti kenuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Obbo Hambisaa Waaqjiraa Lataa mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 03 keessatti argamu lakk. Manaa haaraa ... lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 4928/2016 ta'e Aadde Waganash Dibaabaa Lataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Obbo Musxafaa Bantii Mohaammad Lafaa investimenti fudhatanii qaban magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu lakk. Manaa haaraa 02-0720 lakk. manaa durii lakk. Kaartaa 392/BMN/2001 ta'e bifaa Qixummaan akka itti gurgaaramaniif Obbo Andaamilaa Indaaleetii gar tokkee gurgurachuu waan barbaadaniif gara maqaa Lamaanisaanii Obbo Musxafaa Bantiffi Andaamilaa Indaaleetti waan jijiiramuuf kan mormu yoo jiraate guyyoota 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Obbo Siilashii Tashoomee Olga'aa mana jirenyaa Magaalaa Najjoo ganda 02 keessaa qaban kaartaa Abbaa Qabeenyummaa isaanii lakk. isaa 4110/2014 kan ta'e Orijinaalli isaa najalaa waan badeef kan biraan baafamee akka kennamuuf gaafataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu kan hin dhiyyaane yoo ta'e haaraa bakka buufnee kan kenninu ta'u keenya ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

Aadde Almaaz Takilaay Bayyanetiif Bakka Jiranitti

Falmii Maatii himataan Ajajaa 100 Biyaargiliny xibabuu Belewu fi Himatamtuun isin jidduu falmii jiru ilaachisee Mana murtii keenatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 19/09/2016 sa'a 4:00tti akka dhiyaattan ni beeksifna yoo dhiyaachuu baatan bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu tahuu Manii Murtii ajajeera. Mana murtii Aanaa Gimbi

mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 04 keessatti maqaa Disaasaaw/W/Mikaa'eltiin galmaa'ee beekamu gara maqaa Amaan Taaddaseetti akka jijiiramuuf manni murtii Aanaa Gimbi waan murteesseef akka naaf raawwatii jedhanaii iyyataniiru kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti mormii isaa haadhiyeffattu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi

Obbo Magarsaa Taarikuu kan jedhaman jiraataa Magaalaa Boondawoo ganda 01 keessatti kan argamu mana lakk.isaa 244/BMBS/07 kan ta'e bal'ina lafaa ---- Lakk.kaartaa ---- kan ta'e Kennesaa Olaanii Dinqaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.waajjira Lafa Magaalaa Boondawoo suchii.

Obbo Waaqgaarii Tsaggaayee kan jedhaman jiraataa Magaalaa Q/Kaarrraa ganda 01 keessatti kan argamu Lakk.isaa P-0703 kan ta'e bal'ina lafaa ---- Lakk.kaartaa 471MMLMQK/2011 kan ta'e Obbo Maatiwoos Taaddasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.waajjira Lafa Magaalaa Q/kaarrraa.

Obbo Dabalaa Dibaabaa kan jedhaman jiraataa Magaalaa Q/Kaarrraa ganda 01 keessatti kan argamu Lakk. manaa P-269 kan ta'e bal'ina lafaa ---- Lakk.kaartaa 521WBILMQK/2012 kan ta'e Obbo Yaadachuu Bayyanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.waajjira Lafa Magaalaa Q/kaarrraa.

Obbo Yohaannis Namarraa Riqituu kan jedhaman jiraataa Magaalaa Q/Kaarrraa ganda 02 keessatti kan argamu Lakk. manaa P-1057 kan ta'e bal'ina lafaa ---- Lakk.kaartaa isaa 032WBILMQK/216 kan ta'e Obbo Gutamaa Tashoomaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.waajjira Lafa Magaalaa Q/kaarrraa.

Obbo Zarihuun Tasfaayee mana Jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 03 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa M/J/600/16 ta'e bali'inni isaa karee meetira 400M² irratti argamu dabarsanii Abaatee Abarraatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Amantii Tashoomee B/B Sambataa Shifarrraa mana Jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa M/J/905/2016 ta'e bali'inni isaa karee meetira 341M² irratti argamu dabarsanii Obbo Zarihuun Tasfaayeetti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Obbo Malkaamuu Mulaatuu mana Jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa M/J/1812/2014 ta'e bali'inni isaa karee meetira 400M² irratti argamu dabarsanii Obbo Abdii Malkaamuutti waan kennaniif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Obbo Guddataa Baayisaa mana Jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 03 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa M/J/1608/2016 ta'e bali'inni isaa karee meetira 500M² irratti argamu dabarsanii Aadde Saadiyyaa Tasammaatif kennuu waan barbaadaniif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Aadde Abbaayinash Alamaayyoo Magaalaa W/Jirruu ganda 01 keessatti argamu Lakk.isaa 1448 ta'e lakk.kaartaa isaa 509 kan ta'e bali'inni lafa isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Fayisaa Qana'aatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa W/Jirruu.

Aadde Iyyannee Iddoosaa A/S/Noolee Magaalaa Samarroo ganda 01 keessaa mana maqaa isaaniitiin galmaahee jiru Lakk. Kaartaan isaa --- ta'e bali'inni isaa karee meetira 200M² irratti ijaaramee argamu dabarsanii Obbo Iddoosaa Warquutti waan kennaniif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Samarroo.

Abbaayinash Alamaayyoo Magaalaa W/Jirruu ganda 01 keessatti argamu Lakk.isaa 1190 ta'e lakk.kaartaa isaa 508 kan ta'e bali'inni lafa isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Fayisaa Qana'aatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa W/Jirruu.

Obbo Magarsaa Taayyee mana Jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa ---- ta'e bali'inni isaa karee meetira 402M² irratti argamu dabarsanii Obbo Daawwit Fiqiruutti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Obbo Lataa Asaffaa mana Jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa WBIFLMB/168/04/2016 kan ta'e bali'inni isaa karee meetira ---- irratti argamu dabarsanii Obbo Bashaa Waaqgaarii Garbaatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Obbo Abaatee Odee mana Jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa ---- fi lakk.manaa 358 kan ta'e bali'inni isaa karee meetira ---- irratti argamu dabarsanii Obbo Lataa Abaateetti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Aadde Kattaayee Taayyee mana Jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa WBIFLMB/38/04/015 kan ta'e bali'inni isaa karee meetira ---- irratti argamu dabarsanii Nadhii Gammachiistti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Aadde Boggaalech Kumarraa mana Jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- fi lakk.manaa 1284 kan ta'e bali'inni isaa karee meetira ---- irratti argamu dabarsanii Obbo Hambisaa Obsiitti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Obbo Jiksaa Likkaasaa mana Jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- fi lakk.manaa 482 kan ta'e bali'inni isaa karee meetira ---- irratti argamu dabarsanii Obbo Tolasaa Ol'aanaatti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Aadde Talilee Amanuu mana Jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- fi lakk.manaa 1191 kan ta'e bali'inni isaa karee meetira ---- irratti argamu dabarsanii Obbo Toleeraa Margootti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

^{1ffaa} Obbo Mokonnin Nigaattuu Yaadataa ^{2ffaa} Obbo Iskindir Nigaattuu Yaadataa ^{3ffaa} Aadde Abbabech Nigaattuu Yaadataa abbaan keenya Obbo Nigaattuu Yaadataa fi Aadde Daayituu Fufaa, waan du'aniif mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- fi lakk.manaa 0007 kan ta'e bali'inni isaa kaaree meetira ---- irratti argamu dhaaltummaa keenya mana murtiitiin waan mirkanoefffanneef jijiirraan maqaa gara keenyatti nuuf haa jijiiramu jedhanii iyaytaniiru.kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Obbo Abboomaa Haayilee mana daldalaal Magaalaa Qeebbee ganda Guddattuu Qeebbee keessaa qaban Lakk.kaartaa isaa 318/LMQ/16 ta'e bali'inni isaa 200M² irratti argamu Obbo Abboomaa Waratiitti gurguranii maqaan akka jijiiramuuf waan gaafataniif namni mormu yoo jiraate beekisfni kun bahee guyyaa 20 keessatti wajjira lafa Magaalaa Qeebbeetti mormi isaa haa dhageessiffatu kan mormu yoo hin jiraanne jijiirraan maqaa kan gaggeeffamu ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee.

Bakka bu'aa Obbo Mitikkuu Xilaahuun Areedoo kan ta'an Obbo Misiraaq Haayiluu kan jedhaman mana Jirenyaa Magaalaa D/Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa WLENM/5063/2004 ta'e bali'inni isaa karee meetira 200M² irratti argamu Maqaa Obbo Mitikkuu Xilaahuun Areedootiin galmaa'ee kan beekamu dabarsanii Obbo Misiraaq Haayiluu Booruutti waan gurguratanifiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dooloo.

Aadde Almaaz Taklaayi Bayyanaatiif Bakka jirtanitti

Falmii maatii himataa ajajaa 100 Biyaaregillinyi Xibabuu Balawuufi himatamtuu isin gidduu jiruuf isin himatamtuu himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 19/9/2016 sa'aa 4:00 irratti akka dhiyaattan, dhiyaachuu baannaan bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Gimbii

Arsii

Obbo Yoonaas Yikelloo Adaraatiif

B/jirtanitti

Himataa Waajjira Paabiliik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa Aanaa Gololchaa b/bn Waajjira Abbaa Alangaa Godina Arsiiifi himatamtoonni Dhaabbata Ijaarsaa Waliigalaa Yoonaas Yikelloo Adaraafi isin Obbo Yoonaas Yikelloo Adaraa gidduu falmii waliigaltee maallaqaa jiru ilaachisee guyyaa beeksifni kun maxxanfamerra eegalee himannaa kana keessatti makamuu keessan beektanii deebii keessan barreffamaan qopheeffattanii baallama gaafa 16/9/2016 sa'aa 8:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e ammoo falmiin bakka isin hin jirretti geggeeffamee murtiin kan kennamu ta'uusaa manni murtii ajajeera. M/M/Ol/God/Arsii



Ibsaa Xurunaa

Filiippaa Mooriis dubartii maaraatoonii gammoojjii 2 xumurte

Filiippaa Mooriis dubartii jalqabaa maaraatoonii gammoojjii lama fiigdee xumuruun kan jalqabaa ta'uu dandeesseetti.

Filiippaa Mooriis dubartii umrii waggaa 33 yoo taatu, Waadii Raamii, Joordaanitti somsomaadhaan fiigicha maaraatoonii gammoojjii lama fiiguun xumurte seenaa addaa galmeessiteetti.

Dubartiin kuni lammii Ingilaand, ogummaadhaan arkiteekti yoo taatu, kanneen ishee waliin fiigaa turan sababa ho'a olaanaafi qilleensa ukkaamamaa argauuf ulfaataa ta'e sodachuu fiigichicha addaan kutaniiru jette.

Fiigichicha guyyaa jalqabaa taasifteen haalonni turan hagas Mara rakkisaafi ulfaataa akka hin turreefi gammachuun guutuun fiiguun himuun, guyyaa lammaffaatti garuu haalichi jijiiramuun yaaddoon na jalqabe jette.

Morkiin Maaraatoonii gammoojjii Joordaanitti adeemsifamu kuni dorgomtoota maaraatoonii lama fiigan keessummeessera.

Dhabbanni miti-mootummaa dorgommii fiigicha fageenya dheeraafi fiigicha bashannanaa deeggaru Mooriis dubartii jalqabaa gammoojjii keessatti maaraatoonii lama fiigdee xumurte ta'uu mirkaneesseera.

Dubartiin ganna 33 kuni haala qilleensaa ulfaataa dorgomtooni sodaachuun irraa baqatan irratti hirmaachuuf kan murteessiteeffi ishee kakaase dhaabbata tola oolaa deeggarsa ijoolleerratti bobba'e tokkoof qarshii walitti qabuufidha.



PHILLIPA MORRIS

"Muuxannoon koo guyyaa jalqabaafi lammataa baayye gergari, jalqaba haala jiru fudhadheen ture, baayye taaneetu fiigaa turree, namoonnis jiruu, namattis tola ture."

Tahus haalli galgala guyyaa jalqabaa hamaa ture. Kaan gaggabanii, kaan ammoo gammoojjii keessa fiiguu soodaatan, guyyaa itti-anuu anis baayyeen sodaadhe. Ta'us kaayyoo koo milkeessuun waan anarra jiruuf namoonni addaan kutanis ani garuu ittuman fufe" jette.

Fiigicha Maaraatoonii isa jalqabaa sa'atii jahaafi daqiqaa 52 keessatti kan xumurte yoo tahu, guyyaa itti aanu daqiqaa 24 fooyessuun xumurte.

Dorgommii haala qilleensaa ulfaataa adeemsattu rakkisaa ta'e gammoojjii lafa onaa keessa qifaashee fiiguun kan xumurte Filiippaa Mooriis dhaabbata tola-oolaa daa'immanii 'Ordinary 2 Extraordinary' jedhamuuf Paawundii 2,800 walitti qabdeetti.

"Dorgommichaan booda yaada kenniteenis kun anaaf waan guddaa dha, hamma waan tahe amanutti yeroo muraasaaf boo'an ture," jechunis ibsiti.

"Qofaa koo gammoojjii keessa fiiguurraa dhuma jala wayitan namoota iddo hundatti najajjabeessan wayitan argu hojiikotti hedduun boone jechuushee

Odiitii Seentiraalirraa odeeffanne.

Piriimiyer liigiin waancaa lama qopheesse

Piriimiyer Liiglii Ingiliz bara dorgommii 2023/24 xumuramuuf taphni tokko qofti hafeen ammas shaampiyonaa adda baasuuf tapha xumuraa eeguun dirqama ta'eera.

Maanchister Siiifi Arsenal carraa shaampiyonummaa wal qixa qabaachuunsaanii qopheessitoota dorgommichaaf qormata ta'eera. Kanaafis waancaa lamaafi meedaaliyaawwan 40 qopheessuun isteediyoomota lamaanitti erga. Garee shaampiyonaa ta'u keessatti taphataan waggaa keessatti tapha shaniifi isa olirratti hirmaate hundi meedaaliya ni argata.

Siiifi dorgommicha qabxii 88n wayita dursu, Arsenal qabxii 86n itti aana. Tapha xumuraan Siiifi Weesthaam Yunaayitidiin wayita keessummeessu Arsenalimmo Evertaniin simata. Siiifi qixa bahee Arsenal yoo injifate



qabxiin wal qixa ta'uun garaagarummaa gooliin Arsenal carraa Shaampiyonummaa argata.

Kanarrea kan ka'e qopheessitooni liigichaa Waancaa lamaafi meedaaliyaawwan 440qopheessuun isteediyoomota lamaan Itihaadiifi Emereetitti akka ergu beekameera.

Waggoota afurfaaf shaampiyonaa Piriimiyer

Liiglii ta'uuf umriin daqiqaa 90 qofti kan hafuuf Siiifi seenaa haaraa galmeessisuuf qarqara gaheera.

Waggaa 20 booda shaampiyonaa ta'uuf morkataa kan jiru Arsenal carraa dursee shaampiyonaa ta'uuf qabutti osoo hin fayyadamiin sadarkaa kana kan qaqqabe.

Tapha torbee 38ffaa isteediyoomota hundatti sa'atii walfakkaataatti taasifamu kanaaf Itihaadiifi Emereetitti qophiin sirna badhaasaa ni qophaa'@.

Piriimiyer Liiglii baranaan Astoon Viilaan sadarkaa afraffaan xumuruun waggaa 42 booda hirmaannaa Shaampiyonaa Liiglii Awurooppaa mirkaneeffateera. Luutan Taawun, Barnleef Shefield Yunaayitid turtii waggaa tokkoof booda gara liiglii tokkoffaatti deebi'aniru.